

BOQONNAA 2

BIYYAAFI MOOTUMMAA

Ibsa Boqonnaa

Namni tokko mirga isaa beekke dirqama isaa bahachuuf, waa'ee biyyaafi mootummaa irratti hubannoo bu'uura qabaachuu qaba. Kanumaan wal-qabatee boqonnaa kana keessatti, yaad-rimee biyyaafi qabiyyeewwan ijoo isaa ni mari'anna. Kanuma hordofuun, hiikaa, dalagaaleefi akaakuuwwan mootummaa ni qoranna. Dhuma irrattis, wal-fakeenyaafi garaagarummaa biyyaafi mootummaa irratti mari'achuun ni goolabna.

JECHOOTA IJOO:

- **Birmadummaa**
- **Biyya**
- **Daangaa**
- **Dimokiraasii**
- **Mootummaa**
- **Mootummaa Abbaa Irree**
- **Mootummaa Gonfoo**
- **Sirna Bulchiinsa Hayyotaa**
- **Uummata**

Gahumsawwan Barachuu	Barannoowwan
➤ Yaad-rimee biyyaa ni hiiku. ➤ Elementoota biyyaa adda ni baasuu. ➤ Dalagaalee mootummaa ni tarreessu. ➤ Garaagarummaa biyyaafi motummaa ni ibsu.	2.1 Yaad-rimee biyyaa 2.2 Elementoota biyyaa 2.3 Dalagaalee mootummaa 2.4 Akaakuuwwan mootummaa 2.5 Garaagarummaa biyyaa fi mootummaa

Wayitii kenname: 16

Barannoo Tokko: Yaad-rimee Biyyaa

Xumura barannoo kanaan booda barattoonni:-

- Yaad-rimee Biyyaa fi Mootummaa ni hubatu.
- Jecha biyya jedhu ni ibsu
- Itoophiyaa akka biyya seenaa bara dheeraa qabduutti ni ajaa'ibsiifatu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Wanta boqonnaa tokko keessatti barsiifteefi yaad-rimee lammummaa yaad-rimee biyyaatiin wal qabsiisuun barannoo kana eegali. Sanaan booda barattoota kee gaaffilee xiinxalaa kitaaba isaanii irratti dhi'aate akka hojjatan godhi. Gaaffiin xiinxala duraa inni jalqabaa hiika biyyaati. Gaaffiin lammaffaa immoo barattoonni biyyoota Afrikaa muraasa yaadatan akka eeran taasisuudha.

Ibsa isaaniitin booda, hiika biyyaa akkaataa armaan gadiitiin hiikuun jalqabi.

- ✓ Garee siyaasaa qindaa'aa ta'eefi qaama aanga'aa murtaa'een buludha.
- ✓ Qaama siyaasaa seeran beekamtii qabuufi mootummaadhaan hoogganamufi
- ✓ Garee namootaa daangaa murtaa'aa ta'e keessa walitti fufiinsaan qubatanii jiraatan, mootummaa mataa isaanii kan caalmaa uummataan dhi'aatuufi giddu galtummaa qaama alaa irraa walaba ta'edha.

Amma barattoonni kee gaaffilee xiinxala jalqaba barannootti ka'an irratti hubannoo hanga tokko argataniiru. Barattoonni kee deebii isaanii ibsa ati dhi'eessite waliin akka walbira qaban taasisi.

Dabalataanis, kitaaba barattootaa keessatti gaaffileen biraa lama ni jiru. Jalqaba irratti biyyi maaliif nu barbaachifti kan jedhu gaafadhu, lammaffa immoo Itoophiyaa maaltu biyyoota biroo irraa adda godha kan jedhu gaafadhu.

- Argamni biyyaa barbaachisaadha, sababni isaayyuu fedhii namoomaa isa bu'uura waan ta'eefi.
- Kaayyoon hundeeffama biyyaa;
- seera hojii irra oolchuudhan wal-dhabdee namoota gidduutti uumamu furuudha.

Deebii gaaffii lammaffaa ilaalchisee, barattoonni kee beekumsa hawaasaafi seenaa qaban fayyadamuun waa'ee Itoophiyaafi addummaa ishee akka yaadan kakaasi. Dhugaadhumaan, Itoophiyaan aadaan, seenaan, teessuma lafaafi wantoota birootin addadha. Haaluma kanaan, barattoonni kee biyya Itoophiyaa akka armaan gadiitti dhi'eessuu danda'u:

- Madda laga Naayil, fincaa'aa lagaa baay'ee qabdu
- Biyya amantaalee baay'een nagaan waliin jiraataan
- Biyya takkaa hin koloneffatamne
- Biyya barreeffama addaa qabdu
- Argama dhala namaa
- Dhaha baraa adda ta'e baatilee 12 guyyoota 30 of-keessatti qabu, akkasumas baatii 13^{ffaa} kan guyyoota 5 yookiin 6 qabu kan qabdu
- Bakka bunni addaa 'Coffee Arabica' jedhamun addunyaa irratti beekamu yeroo jalqabaaf itti argamedha.
- Biyya sanyiiwwan hoosistoota 279fi sanyiiwwaan hoosiftoota xabboo 31fi k.k.f itti argamanidha.

Barannoo Lama: Elementoota Biyyaa

Xumura barannoo kanaan booda barattoonni:-

- Elementoota biyyaa adda baasu.
- Elementoota biyya ijoo ni tarreessu.
- Elementoonni biyyaa ijoon kun jiraachuu biyyaaf akkamiin akka barbaachisan ni iyyaafatu.
- Elementoota biyyaa ijoo kanneen keessaa tokko yoo hafe maaltu uumamuu akka danda’u xiinxalu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota baruu barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaa, waraqaa barreeffamaa, kaartaafi giloobiidha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo’achuu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoo haaraa kana jalqabuuf, barattoonni kee Itoophiyaan biyya moo biyya miti kan jedhu akka murteessaniif gaaffilee xiinxala duraa gaafachuu dandeessa. Deebii isaanii hordofuun, barannoo guyyaa kanaa elementoota ijoo biyyaa, jaarimiyaalee biyya keessa jiran biroo irraa maaltu akka adda baasu ibsuun jalqabi. Haaluma kanaan, elementoonni ijoo biyyaa kanneen armaan gadiiti. Isaanis:-

- **Uummata:-** Jiraachuu biyya tokkootiif uummanni wanta bu’uuraati. Uummanni biyya tokkoo sanyii, amantii, afaaniifi aadaa qeenxee qabaachuun dirqama miti. Yaada kana bal’isuuf sab-daneessummaa uummata Itoophiyaa gidduutti argamu ibsi.
- **Daangaa:-** Elementiin ijoo biyyaa inni biraan daangaa murtaa’aadha. Biyyi kamiyyuu daangaa murtaa’aa malee jiraachuu hin dandeessu. Daangaan uummanni hawaasummaafi siyaasaan gurmaa’ee akka jiraatuuf fayyada.

Hunda caala, namoota ollaa, caayaa kitaaba barataa/ttu irratti dhiyaatan barattoonni kee akka mari’ataniifi gaaffilee dhiyaataniif ibsa akka godhan deeggari.

Caayaa sana irratti, gaaffiin jalqabaa hubannoo isaanii namoonni ollaa sun wal dhabdee isaanii ofiin yookiin maanguddoota biyyaan furachuu yoo hin dandeenye maal gochuu qabu kan jedhu irratti xiyyeeffata.

Adeemsa seeraatiin, rakkoon akkaata furamuu danda’u irratti barattoonni hubannoo akka horatan deeggari. Qo’annaa caayaa sanaa irratti eenyutu dhuma irratti fala kaa’uu danda’a kan jedhudha. Dhimma namoota ollaa lameen sana ilaalchisee manni murtii furmaata waaraa kaa’uu qaba.

Mootummaa:- Qabiyyeen ijoofi sadaffaan biyyaa mootummaadha. Biyyi mootummaa malee hin jirtu. Mootumman qaama hoji raawwachistuu biyyaa akkasumas dhaabbata siyaasaa aangoo qabeessa ta’edha.

Biyya diimokiraatawaa keessatti qaamota mootummaa saditu jiru. Isaanis; seera baastuu, seera raawwachiistuufi seera hiiktuudha. Bu’uuruma kanaan, seera baastuun qaama seera tumu, seera raawwachiistuun qaama seera biyyaa raawwachiisuufi seera hiiktuun damee mootummaa ta’ee qaama seera hiikudha.

Itoophiyaa keessatti, seera tumtuun; mana marii bakka bu’ootaafi mana marii federeeshinii paarlaamaa jedhamu irraa ijaarama. Qaamni seera raawwachiisu dameewwan mootummaa sadan keessaa tokko ta’ee; muummicha ministeeraa akka mootummaa paarlaamaattiifi akka mootummaa pirezidaantawaatti immoo pirezidaantii haammata.

Qaamni seera hiiktuus dameewwan mootummaa keessaa isa tokkodha. Dirqamni isaa inni jalqabaa seera hiikuudha. Itoophiyaan akka biyya qaama seeraa lama qabuutti, qaamota manneen murtii lama isaanis: manneen murtii federaalaafi manneen murtii naannolee caasaaleefi bulchiinsa ofii isaanii qaban qabdi. Akka heera RDFitti, manni murtii waliigala federaalaa aangoo waliigalaa seera hiiku qaba.

Akkasumas, kutaalee itti aanan keessatti mootummaafi kaayyoowwan isaa hubachiisun, barattoonni kee amaloota jiraachuu mootummaa ijoo akka mari’ataniifi caalmaatti beekan taasisi. Salpaadhumatti, mootummaan yoo hin jirree yookiin mootummaan aangoo irra jiru gahee isaa yoo haalaan hin bahanne; wanti hamaan hundi ni uumama, namni kamiyyuu barattoota dabalatee bakka bakkattii socho’uu hin danda’u.

- **Birmadummaa:-** Birmadummaa ilaaluun dura, waa’ee faayidaa birmadummaan biyya tokkoof qabu barataa kee gaafadhu. Walumaagalatti, birmadummaan yaadota lama of keessatti haammata: kan keessaafi alaati.

Birmadummaan keessaa, birmadummaa hariiroo birmadummaa biyyi tokko biyyoota biroo waliin qabdu agarsiisa. Birmadummaan wal-qabatee, kitaaba barataa keessa gaaffii halluuwwan alaabaa Itoophiyaa tarreessi jedhu akkasumas, faaruu biyyoolessa Itoophiyaa ni beekta moo hin beektu? jedhu argatta. Deebii sirrii yoo argatte, barataan tokko ka'ee faaruu alaabaa biyyoolessa Itoophiyaa akka faarsu ajaji.

Dabalataanis, qo'annaa caayaafi gaaffilee lamaan caayaa kanatti aananii jiran irratti barattoonni akka mari'ataniifi ibsa isaanii dhiyeessan godhi. Gaaffii lammaffaan kan irratti xiyyeeffatu, itti gaafatamummaa ijoo dargagoonni birmadummaa Itoophiyaa eegsisuuf qabanidha. Dhimma kanaan wal-qabatee, dargagoonni si'aanaan hawaasummaa, dinagdeefi dhimmoota siyaasaa keessatti hirmaannaa ho'aa gochuutu irraa eegama.

Barannoo Sadii: Dalagaalee Mootummaa

Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:-

- Dalagaalee biyyaafi mootummaa ni beeku.
- Dalagaalee mootummaa ni ibsu.
- Tasgabbi hawaasaa itti fufsiisuu keessatti bu'aa mootummaa dimokiraatawaa ni hubatu.
- Carraaqii mootummaan dimokiraatawaa, fedhii lammiilee guutuuf qabu ni ajaa'ibsiifatu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota baruu barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaa, waraqaa barreeffamaa, kaartaafi giloobiidha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo'achuu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti, kitaabni baraataa gaaffilee xiinxala duraa lama: kaayyoo mootummaafi itti gaafatamummaa mootummaa kanneen angafaa of-keessatti haammata. Gaaffileen kun sadarkaa hubannaa barattootaa adda baafachuuf, akkasumas barannoo itti aanutti kaka'uumsa qabaachuun qophaa'aa ta'uu isaanii madaaluuf si gargaara. Kanaafuu ibsa barattootaan booda barannoo kee haaraa jalqabi. Dalagaaleen mootummaa biyyaa gara biyyaatti gargar ta'uus, kanneen armaan gadii garuu beekamoodha. Kunis;

- ☞ Seeraafi qajeelfama eegsisuu
- ☞ Tajaajiloota hawaasummaa dhiyeessuu
- ☞ Nageenya biyyoolessaa kabachiisuu
- ☞ Murtiiwwan dinagdee baasuu

Gaheewwan armaan olitti caqafaman dhiyeessuuf, gaaffilee dhiyeessuun barattoota kee gaafadhuuti deebii isaa akka argatan taasisi.

✎ **Seeraafi Qajeelfama Eegsisuu:-** Dirqama mootummaa mariisisuun dura, barattoonni kee gahee mootummaan dimokiraatawaa tasgabbi hawaasummaa keessatti taphatu akka hubatan gochuun achiin booda haala armaan gadiitiin ibsiif:- Mootummaan seeraafi qajeelfama karaalee armaan gadiin eegsisu.

- ✓ Seera gochaawwan lammiilee mara to'atu ni baasa.
- ✓ Adeemsota wal-dhabdeen gareewwan garaa garaa gidduutti uumamuu danda'u ittiin furamuufi tasgabbiin hawaasaa ittiin mirkanaa'uu ni dhiyeessa.
- ✓ Nageenya kabachiisuun; mirgi, qabeenyiifi jireenyi uummataa akka eegamuuf ni gumaacha.

Kanarra darbees, mootummaan maloota ittiin wal-dhabdeen lammiilee gidduutti uumamu yeroofi haala sirrii ta'een furamu kanneen akka manneen murtii dhiyeessuun ni deeggara. Wal-dhabdee namoota gidduutti uumamu to'achuuf, mootummaan namoonni dhuunfaan maal gochuu akka qabaniifi maal gochuu akka hin qabne daangeffama seeraa ni kaa'a.

☞ **Tajaajiloota Hawaasummaa Dhiyeessuu:-** Mootummaan tajaajiloota baay'ee lammilee isaaf ni dhiyeessa. Kanaafuu, bal'inaan osoo itti hin seeniin barattoonni tajaajilota hawaasummaa naannoo isaanitti argaman akka eeran gaafadhu. Barattoonni kee kanneen armaan gadii maqaa dhahuu danda'u. Isaanis;

- Seera gochaawwan lammiilee mara to'atu baasuu.
- Tajaajila barnootaa dhiyeessuu
- Tajaajila fayyaa dhiyeessuu
- Balaa abiddaa ittisuu
- Seera raawwachiisuu
- Eegumsa naannoo gochuu
- Misooma manneenii raawwachuu
- Tajaajila geejjibaa dhiyeessuufi k.k.f

☞ **Nageenya Biyyoolessaa Kabachiisuu:-** Nageenya biyyoolessaa biyyoota birmadummaa qabaniif dhimma olaanaa dursi kennamuufidha. Asirratti barattoota kee gaaffii kitaaba isaanii irra jiru “osoo Itoophiyaan diinaan weeraramtee eenyutu faccisuu danda’a jettee yaadda?” jedhu barattoota kee gaafachuu dandeessa.

Dhugumatti, dalagaan mootummaa baay’ee barbaachisan nageenya lammiilee eegsisuufi ittisa walooti. Haata’u malee, lammiin kamiyyuu itti gaafatamummaa biyya ofii isaa/ishii eeguu fudhachuu qaba.

☞ **Murtiiwwan Dinagdee Baasuu:-** Biyyi kamiyyuu fedhii lammiilee ofii hunda guutuu hin danda’u. Qabatamaatti, mootummaan guddinaafi tasgabii dinagdee dagaagsuuf wantoota armaan gadii hojjechuu qaba:

- ❖ Qaala’iinsa to’achuu
- ❖ Daldala si’eessuufi
- ❖ Guddina qabeenya uumamaa to’achuudha.

Barannoo Afur: Akaakuuwwan Mootummaa

Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:-

- Akaakuuwwan mootummaa ni beeku.
- Akaakuuwwan ijoo mootummaa adda ni baasu.
- Garaagarummaa mootummaa gonfoofi garee hayyotaa ni ilaalu.
- Maalummaa bu’uuraa, akaakuuwwan mootummaa dimokiraatawaa ni mirkaneeffatu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota baruu barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaa, waraqaa barreeffamaa, kaartaafi giloobiidha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo’achuu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Akaakuuwwan mootummaa baay’etu jiru. Akaakuuwwan mootummaa kunis baay’ina uummataa birmadummaa aangoo shaakaluu irratti hundaa’u.

❖ **Mootummaa Gonfoo:-** Mootummaan goonfoo akaakuu mootummaa keessaa tokko ta'ee, kan birmadummaan aangoo harka nama dhuunfaa jirudha. Kanaafuu, yaada kana sirriitti akka hubataniif barattoota kee gaaffilee armaan gadii lameen gaafadhu: Jalqaba irratti, fakkeenya biyyoota hanga ammaatti mootummaa gonfootiin bulanii akka kennan gaafadhu. Lammaffaa immoo, waa'ee mootummaa gonfoo Itoophiyaa quba akka qaban gaafadhu.

Fakkeenya biyyoota hanga har'aatti mootummaa gonfootiin bulaa jiranii:

- ♦ Awustiraaliyaa
- ♦ Bahaamaas
- ♦ Barbaados
- ♦ Kanaadaa
- ♦ Jaamaayikaa
- ♦ Biritaniyaa Guddoo k.k.f.dha.

Itoophiyaa ilaalchisee, sirni mootii moototaa mootummaa gonfoo fakkeenya gaariidha.

Sirna Mootummaa Garee Hayyotaa:-Aangoon mootummaa harka namoota hagoo(muraasaa)tti kan argamu yoo ta'u, bulchiinsi isaa immoo qabatamaatti faayidaa namoota caalmaatiif kan hojiirra ooludha.

Mootummaa Abbaa Irree:- Namni tokko yookiin gareen namootaa muraasni yommuu aangoo daangaa hin qabne fayyadamanii biyya bulchanidha. Aangoo of-harka tursuuf humna fayyadamu.

Dimokiraasii:-Akaakuu mootummaa bulchitoonni lammiileen filatamanidha. Qajeelfamoonni dimokiraasii muraasni kanneen armaan gadiiti:

- ♦ Hirmaannaa lammiilee
- ♦ Wal-qixxummaa
- ♦ Itti gaafatamummaa
- ♦ Iftoomina

- ◆ Filannoo walabaa, haqa-qabeessaafi yeroo isaa eeggate
- ◆ Bilisummaa Dinagdee
- ◆ Aangoo seeraan ala to'achuu
- ◆ Sirna paartiilee hedduu
- ◆ Olaantummaa seeraa

Barannoo Shan: Garaagarummaa Biyyaafi Mootummaa Gidduu Jiru Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:-

- Garaagarummaa biyyaafi mootummaa ni mirkaneeffatu.
- Garaagarummaa biyyaafi mootummaa adda ni baasu.
- Mootummaa akka qaama barbaachisaa biyyaatti ni hubatu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota Baruu Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, Boronqii, waraqaa Chaartii, gabatee adii, Kitaaba barataa, Qalama, Qubeessaafi Waraqaa barreeffamaati.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, Mala od-ibsaa boqotaa, Mala od-ibsaa, Marii gareefi Caayaa qo'achuu

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Kanaan dura barattoonni waa'ee biyyaafi mootummaa hubachuu danda'aniiru kanaafuu, amma immoo biyyaafi mootummaa yeroo itti adda baafatanidha. Kanaaf, barattoonni kee garaagarummaa biyyaafi mootummaa gidduu jiru akka dhiyeessan gaafadhu.

Garaagarummaan biyyaafi mootummaa kanneen armaan gadiiti.

- **Mootummaan qabiyyee biyyaati:** Biyyi qabiyyeewwan ijoo afur qabdi. Isaanis; uummata, daangaa, mootummaafi birmadummaadha. Gaheen mootummaa bakka uummataa bu'ee hojjechudha.
- **Biyyi sadarkaa yaadaatti yoo hubatamu, mootummaan garuu qabatamaadha:** Biyyi yaad-rimee ijatti mul'achuu hin dandeenyedha. Gama biraatiin, mootummaan qabatamaa ta'ee; garee uummataa gurmaa'ee aangoo biyyaa hojiirra oolchudha.

- **Gurmaa'inni mootummaa kutaa uummataa biyya tokkoon qofadha:** Biyyi uummata biyyattii hunda of keessatti qabata. Karaa biraatiin hundeeffamni mootummaa bakka buutota uummataatiini.
- **Miseensummaan biyyaa dirqama yoo ta'u, kan mootummaa garuu miti:** Biyya tokko keessatti yeroo baay'ee namni kamiyyuu miseensummaa/ lammummaa battalaa argata. Miseensummaan mootummaa kan battalaa miti.

Gaaffii kitaaba barataa keessa jiru kan lammummaan Itoophiyaa akkamittiin argama jedhu ilaalchisee; hariiroo dhigaatiin lammummaan argamu isaa barattoonni kee akka yaadatan jajjabeessi.

- **Biyyi kamiyyuu elementoota barbaachisoo wal-fakkaatu qabu garuu, akaakuufi amaloonni mootummaa biyyaa biyyatti garaa garaa.**

Biyyoonni hundinuu amaloota waliinii kanneen akka; uummataa, daangaa, mootummaafi birmadummaa qabu. Karaa biraatiin, mootummaan sirnoota adda addaa kanneen akka sirna paarlamaa, sirna pirezidaantawaafi makaa lamaan isaanii qabaachuu danda'a. Akkasumas, dimokiraatawaa, mootummaa gonfoo, sirna hayyootaafi mootummaa abbaa irree ta'u mala.

- **Biyyi dhaabbataa yoo taatu, mootummaan garuu jijjiiramaadha:** Kana jechuun yeroo hundumaa mootummaan ni dhufa, ni darba. Filannoon yookiin warraaqsi guutummaatti jijjiirama mootummaa fiduu danda'a. Biyyi yeroo hin murtoofneef itti fufee jiraata. Itti fufiinsi isaas hanga birmadummaan biyyichaa jiruttidha.

Deebii Gilgaala Keessa Deebii Boqonnichaa

	1	2	3	4
I: Dhugaa/Soba	Dhugaa	Soba	Dhugaa	Soba
II: Filannoo	C	B	A	

III. Deebii Gabaabaa:

1. Dalagaaleen ijoo mootummaa arfan maal fa'a?

- ✓ Tasgabbii hawaasaa eegsisuu
- ✓ Tajaajiloota hawaasummaa eegsisuu
- ✓ Nageenya biyyoolessaa kabachiisuu
- ✓ Murtiwwan dinagdee dabarsuu

2. Elementoota biyyaa keessa tokko yoo hir'ate maaltu uumamu mala?

- Biyyi akka biyyaatti hin ilaalamtu.

BOQONNAA 3

DIMOKIRAASII

Ibsa Boqonnichaa

Boqonnaa sadaffaan waa'ee dimokiraasii ibsu kun wayitii kudha saddeetitti (18) tti kan qoodameedha. Kana keessatti wanti beekamuu qabu yaadota dimokiraasii barbaachisoo ta'an ibseera. Shakkii tokko malee dimokiraasiin mata duree jireenya keenya guyyaa guyyaa irratti mari'atamuudha. Sababa kanaaf yaada ijoo dimokiraasii hubachuun barbachisaadha. Dimokiraasiin akaakuu addaa addaafi amaloota baay'ee qaba. Addunyaa keenya har'aa keessatti tooftaaleen dimokiraasii ittin hojii irra oolchinu lamatu jiru. Yoo xiqqaate ilaalchootni lama dimokiraasiin walqabatu; namoota muraasaaf dimokiraasiin 'adeemsa' yoo ta'u: kanneen biroof immoo dimokiraasiin 'gocha/hojii irra oolmaadhaan' ibsama. Kanaafuu, ilaalchota lamaan kana gargar baasanii hubachuun baay'ee barbaachiisadha. Yeroo ammaa kana biyyoota baay'ee keessatti hojiirra oolmaan dimokirasii xabboo xiyyeeffanno guddaa argatee jira. Sababni isaa dagaagina dimokiraasii ammayyaatiif gumaacha ta'eera. Kanaaf hojiirra oolmaa dimokirasii xabboo hubachuun baay'ee barbaachisaadha.

JECHOOTA IJOO

- ✓ Dimokiraasii
- ✓ Dimokiraasii adeemsaa,
- ✓ Dimokiraasii al-kallatii,
- ✓ Dimokiraasii hawaasaa,
- ✓ Dimokiraasii kallatii,
- ✓ Dimokiraasii seeraa
- ✓ Dimokiraasii walabaa,

Gahumsawwan Barannoo	Barannowwaan
Xummura boqonnaa kanaa booda barattootni: ➤ Maalummaa dimokiraasii ni ibsu ➤ Akaakuwwan dimokiraasii ni addeessu. ➤ Karaalee hojii irra oolmaa dimokiraasii adda ni baasu. ➤ Sonaawwan dimokiraasii xabboo ni dinqisiifatu. ➤ Dimokiraasii seeraafi adeemsaa adda ni baasu.	3.1 Hiika dimokiraasii. 3.2 Madda dimokiraasii. 3.3 Akaakuwwan dimokiraasii. 3.4 karaalee hojii irra oolmaa dimokiraasii 3.5 Dimokiraasii adeemsaafi seeraa. 3.6 Sonaawwan dimokiraasii xabboo.

Baay'ina wayitii ramadamee :18

Barannoo Tokko: Hiika Dimokiraasii

Xumura barannoo kana booda barattootni:

➤ Yaad-rimee dimokiraasii ni hubatu. ➤ Akkataa dhufaatii dimokiraasii ni himu. ➤ Hiika dimokiraasii ni kennu. ➤ Bulchiinsa uummataa ni ibsu.

Meeshalee Barnootaa	Mala baruu barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi k.k.f dha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa ➤ Mala marii ➤ Caayaa qo'achuu

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Maalummaan dimokiraasii barannoo jalqabaa boqonnaa kana keessatti ilaalama. Sababni isaas boqonnaan kun bal'inaan waa'ee dimokiraasii waan dhiyeessuuf barattootaaf seensa waa'ee jecha dimokiraasii kennuun barbaachisaadha. Akka barnoota lammummatti barannoo guyyaa sanaa dhiyeessuun dura hubannoo barattootni duraan qaban ilaaluun gaariidha. Kana galmaan gahuufis kitaaba barataa keessatti gaaffileen xiinxala duraa lama dhiyaateera. Gaaffiin jalqabaa hubannaa barattootni duraan waa'ee dimokiraasii irratti qaban madaaluuf qophaa'e. Gaaffiin lammataa immoo barattootni muxannoo isaaniitiin murtoo qajeeltowwan dimokiraasiitiin kennuufi dhisuu isaanii qorata.

Gaaffilee kana daree keessatti gaafachuun sababoota hedduuf barbaachisaadha. Isaan keessa tokko xiyyeeffannoon barattootaa mata duree barannoo irra akka ta'u taasisuudha. Akkasumas barattootni yaadaafi ilaalcha waa'ee dimokiraasii irratti qaban akka qoodan jajjabeessa. Hundaa'ol, barattootni carraa yaada isaanii qooduufi wal irraa barachuun beekumsa isaani akka dagagfatan taasisa.

Yeroo barattootni gaaffiiwwan dhiyaatan irratti hubannoo jalqabaa argatan, hirmaannaan barattoota kanneeni ceephoo tokko malee fudhatama argata. Sababni isaa barattootni of danda'uun hojii isaanii ni raawwatu, barsiisaan immoo irraa deebiin gudunfaa ni kenna. Erga barattootni beekumsa duraan gabbifatan agarsiisani gaaffiiwwaan tooftaalee sammuu dhiiluutiin onnachiifamanii booda barsiisaan hiikoowwan adda addaa dimokiraasiin walqabatan irratti gadi fageenyaan ibsa ni kenna. Dimokiraasii ilaalchisee karaa salphaa ta'een hiikni kenname hin jiru. Beektonnifi namootni garaagaraa hiika adda addaa itti kennanii jiru. Haata'u malee; maalummaa dimokiraasii ilaalchisee barsiisaan daree barnootaa keessatti hiika mara isaa ibsuun irraa hin eegamu. Akkaataa dhufaatiifi madda dimokiraasii beekuun barbaachisaadha. Akkuma kitaaba barataa keessatti ibsame jechoota Girikii 'diimoos' jechuun uummataafi 'kiratoos jechuun immoo 'bulchiinsa' jechuu yoo ta'u, kunis bakka tokkotti 'bulchiinsa uummataa' jechuudha.

Kana booda, barsiisaan gara yaada ijoo maalummaa lammummaa ibsuutti seena. Hiika lammummaa ilaalchisee yaadoota murteessoo lamatu jiru. Yaadni ijoon jalqabaa dimokiraasiin sirna bulchiinsa mootummaa maddi aangoo uummata ta'uu kan agarsiisuudha. Kana jechuun sirna dimokiraasii keessatti abbaan aangoo uummata ta'uu agarsiisa. Haaluma kanaan uummanni feedhii isaatiin bakka bu'aa isaa filachuufi aangoo irraa busuu ni danda'a.

Hiika diimokiraasii armaan duraan kennameen cinatti hiika pirezideentiin Ameerikaa duraanii Abirahaam Liinkoon ibse arganna. Akka ibsa isaatti, dimokiraasiin bulchiinsa uummataa, uummataanifi uummataaf ooludha. Hiika kana keessatti yaadota ijoo sadiitu jira. Yaadni jalqabaa ‘bulchiinsa uummataa’ kan jedhu yoo ta’uu bakka bu’ootni uummataa; uummata qofaan kan filataman ta’uufi maddi aangoo uummata ta’uu agarsiisa. Yaadni lammaffaan immoo, ‘bulchiinsa uummataan’ kan jedhu yommuu ta’u, kunis hirmaannaa lammileen adeemsa bulchiinsaa keessatti qabaniifi ofiin of bulchuu uummataa agarsiisa. Xumura irratti ‘bulchiinsa uummataaf’ kan jedhu arganna. Kun immoo aanga’oonni akkataa fedhii uummataan raawwachuun akka qaban agarsiisa.

Yeroo kanatti barattootni kee hiika dimokiraasii waliin wal baraniiru. Haa ta’uu malee, barsiisaan caayaa qo’achuu kitaaba barattootaa irratti kenname fayyadamuun hubannoo barattoota cimsa. Caayaa qo’achuu dhiyaate kana barattootni filannoo walabaafi haqa qabeessa irratti hirmaachuun akkamittiin bakka bu’aa isaanii filachuun akka danda’amu irratti xiyyeffata. Kun immoo qaamni sadaffaan gidduu osoo hin seeniin ofii isaani muteessuu akka shakalan taasisa. Qo’annaan caayaa kun kitaaba barattootaa irratti wan argamuuf barattootni akka hojjetan taasisi. Dhuma irratti gocha 3.1 barattootni barannoo kana irratti hubannoo dabalataa akka horatan taasisaa. Kana raawwachuun garee barattoota 4-6 (afurii hanga jaha) qabu hundeessuun waliin akka hojjetan jajjabeessi. Barsiisaan yeroo barattootni gocha kana raawwatan gareewwan kana daawwachuun haala ni mijeessa. Haalli kun barattootni barannoo kana qofa irratti akka xyyeffatan godha.

Gochootni kunniin akka armaan gaditti dhiyaatu:

Namootni tokko tokko akka yaadanitti, dimokiraasiin yeroo gabaabaa keessatti hin ijaaramu. Akkuma beekamu yeroo dheeraa kan gaafatuudha. Kunis maaliif ta’e sitti fakkataa? Yaada kana mirkaneessuuf biyyi yookaan hawaasni kamiyyuu dimokiraasii yeroo gababaa keessatti hin fidne. Kana jechuun immoo dimokiraasii hojii irra oolchuuf yeroon akka barbaachisudha.

Ijaarsa sirna dimokiraasiitiif wantootni baay’ee murteessaa ta’an ni jiru. Fakkeenyaaf, sab-qunnamtiin odeeffannoo qulqulluufi qabatamaa ta’e tamsaasuuf hirkattummaa kam irraayyuu bilisa ta’ee jiraachuu qaba. Paartileen siyaasaa cimaniin odeeffannoo dabalataa uummataaf dhiyeessuu qabu. Uummatni hirmaannaa si’aayina qabu adeemsa dimokiraasiitiif gumaachuu qaba. Dhaabbileen hawaasummaa daran cimaniin argamuu qabu. Walumaagalatti, adeemsa guddina dimokiraasiitiif qaamotni dhimmichi ilaallatu

kunneen gahee barbaachisaa bahuu qabu. Kunis yeroo dheeraa fudhachuu danda’a. Akkuma manni ijaaramu tokko yeroo dheeraa fudhatu, dimokiraasiinis suuta suuta hojii irra oola. Sababni isaas, guddinni dimokiraasii adeemsa waan ta’eef.

Barannoo lama: Madda Dimokiraasii

Xumura barannoo kanaa booda barattootni:

- Madda dimokiraasii adda ni baasu.
- Amaloota dimokiraasii Ateensii durii ni ibsu.
- Hanqinoota dimokiraasiin Ateensi durii qaban ni tarreessu.
- Gumaacha dimokiraasii Ateensi durii ni addeessu.

Meeshalee Barnootaa	Mala baruu barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi k.k.f dha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa ➤ Mala marii ➤ Caayaa qo’achuu

Barannoo lammaffaan boqonnaa kanaa seenaa argama dimokiraasii irratti xiyyeeffata. Barannoon kun gaaffilee xiinxalaan eegala. Gaaffiin jalqabaa waa’ee madda dimokiraasii yoo ta’uu; barsiisaan barannoo guyyaa kanaa osoo hin eegaliin dura gaaffii kana barattootaaf dhiyeessutu irra jira. Kana booda, dimokiraasiin sirna Dh.K.D jaarraa 5ffaamagaalaa Giriik durii Ateensi keessatti akka eegale ibsi. Waa’ee dimokiraasii Giriik yommuu kaafnu dimokiraasii Ateensi durii ilaallata. Dabalataanis, barattoota kee dimokiraasiin magaalaa Ateensii durii keessatti eegale gara addunyaa birootti babal’achuu isaa hubachisi.

Mootummaan Ateensi durii humna cimaa hangamii akka qabu barattootni irratti mari’achuun isaanii barbaachisaadha. Kanaafuu, dhimmoonni armaan gadii mariif dhiyaachuu qabu. Wanti hubatamuu qabu: dimokiraasii Giriik jechuun qabatamaan dimokiraasii Ateensii jechuudha. Ateensi mootummaa magaalaa Giriik dimokiraasii kan jalqabde qofa osoo hin taane, baay’ee beekamtuufi aangoo qabeetti turte. Keessumattuu dimokiraasiin kan eegale bara mootii ‘peerkiles’ ture. Ateensi bara mooticha kanaa mootummoota magaalaa Giriikii keessaa ishee beekamtuu turte. Giriik keessatti, Peerkiles gaggeessaa beekamaafi jallatamaa ture. Innis sirna siyaasa yeroo sanii keessatti dhibbaa

jabaa gaggeessaa ture. Keessumattuu, Peerkiles baay'ee kan beekame bara waraana Giriikoo-peershiaafi peeloponeeshiyaa(waraana Ateensiifi Ispaartaa) gidduu turettidha. Mootummootni magaalaa Girikii kunneen uummata lakkoofsaan muraasa ta'ani of danda'an irraa kan ijaaramaniidha. Kanneen keessaa mootummaan magaalaa Ateensii ishee bal'ina qabdudha. Kunis lammiilee 40,000 qabdi. Ateensi keessatti lammiileen filataman kunneen kallatiidhaan walitti qabamani erga mari'atanii booda murtee barbaachisaa dabarsu. Fakkeenyaaf yeroo Ateensi Ispaartaatti duultetti, lammiileen kunneen hogganaa waraana isaanii Peerkiles filatan.

Peerkiles sirna siyaasa biyyatti keessatti waraana Ateensiifi Ispaartaa gidduu ture ilaalchisee haasawa taasiseen “heera keenya jechuun dimokiraasii jechuudha”. Sababni isaa aangoon harka nama muraasaa keessa osoo hin taane harka uummataa kan jiruudha. Yeroo wal-dhabdee namoota dhuunfaa furuuf deemnutti namni hundumtuu seera duratti wal-qixa. Haaluma kanaan itti gaafatammummaa uummataa ilaalchisee wanti hubatamuu qabu namni sun miseensa garee murtaa'aa tokko ta'uu isaa osoo hin taane dandeettii gahumsa nama sanaatiin ta'uu qaba. Gabaabaadhumatti, akka yaada Peerkilesitti dimokiraasiin sirna bulchiinsa uummata aangoomsuudha. Kanaaf Ateensi keessatti barri Peerkiles bara jaalatamaa jedhama. Sababni isaas sirni dimokiraasii Ateensi sadarkaa guddaa irra gahee waan tureef.

Ateensi keessatti lammileen (ga'eessota dhiirota ta'an) dhimmoota murteessoo magaalattii ilaalchisee sagalee kennuuf mirga qabu. Lammiileen mana marii keessatti yoo xiqqaate waggaa tokko keessatti marsaa kudhan hirmaachuu qabu. Lammiileen Ateensii mana maree miseensota 500 qaama raawwachiisaa akka ta'aniif, sochii dinagdee guyyaa guyyaan akka hordofaniif, murtii mana mareetiin darbe hojii irra akka oolchaniif, dhimmoota maree akka qopheessaniif ni filatu. Miseensonni kun turtii waggaa tokkoo qofaaf filatamu. Manni mare kun miseensota nama shantama (50) qabanitti qoodama. Koreen kun tokkoo tokkoon isaanii tokko kurnaffaa waggaa tokkoo bulchu. Haata'u malee, namni kamiyyuu waggaa lama caalaa turuu hin danda'u. Haalli kun lammiileen tajaajila ga'aa akka argataniif carraa kenna. Sirni bulchiinsa marsaa yookaan dabareedhaan adeemsifamu kun akka bulchiinsa gaarii garee dureeyyootaafi hirmaannaa mirkaneessutti ilaalama.

Kanaafuu, dimokiraasiin Giriikii durii keessatti eegale dimokiraasii kallattidha. Sababni isaas, lammiileen kallatiidhaan miiseensoota mana maree (hoji raawwachiiftuu) 500 of

keessaa qabu ni filatu. Manni marii kun garee namoota siyaasaan qofa kan gaggeeffamu osoo hin taane kan lammiilee hirmaachisuudha. Barsiisaan, barattootni odeeffannoo wal jijjiruun waa’ee madda dimokiraasii akka waliigalaatti, addatti dimokiraasii Ateensii irratti hubannoo akka qabatan taasiisuu qaba.

Barannoo sadi: Akaakuuwwan Dimokiraasii

Xumura Barannoo Kanaa Booda Barattoonni:

- Garaagarummaa dimokiraasii walabaafi hawaasaa gidduu jiru ni ibsu.
- Amaloota addaa dimokiraasii walabaa ni tarreessu.
- Amaloota bu’uuraa dimokiraasii hawaasaa adda ni baasu.

Meeshalee baruu barsiisuu	Mala baruu barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi k.k.f dha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa ➤ Mala marii

Ibsa Waliigalaa Barannoo

Barannoon kun waa’ee akaakuuwwan dimokiraasii kan ibsu ta’ee gaaffilee xiinxala duraa lamaan eegala. Gaaffiin jalqabaa dimokiraasii walabaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta’uu inni lammataa immoo dimokiraasii hawaasaa irratti xiyyeeffata. Akaakuuwwan dimokiraasii ilaalchisee barattootni yaada qabaniifi wanta itti dhagahamu akka waliif qoodan si’eessuun barsiisaa irraa eegama. Gaaffileen xiinxala duraa dhiyaatan kun beekumsa barattootni akaakuu dimokiraasii ilaalchisee duraan qaban adda baasuufi madaaluuf gargaara. Kanaan booda odeeffannoofi yaada barattoota irraa fudhachuun akaakuuwwan dimokiraasii irratti mariisisi.

Barattootni yeroo marii hirmaachisaa taasisanitti wanti hubatamuu qabu, addunyaa irratti gosoota dimokiraasii hedduun jiraachuu isaaniti. Gosootni dimokiraasii bakka lama qofatti qoodamee danga’uu hin qabu. Kitaaba barataa keessatti gosootni dimokiraasii beekamoon ibsamaa dimokiraasii hawaasaafi walabaa waan ta’aniif. Sababni isaa wantootni kamiyyuu haala barbaachisummaafi amala isaanii irratti hundaa’uun adda bahanii ramadamu. Gama biraan immoo, maqaa isaani qofa irratti xiyyeeffachuu hin

qabnu. Ramaddiin gosoota dimokirasii hawaasaafi walabaa kunneen hojii mootummaan sirna dinagdee, hawaasummaafi dhimma siyaasaa keessatti qabu agarsiisa. Kana jechuunis qabiyyeen gosoota dimokiraasii hawaasaafi walabaa kunneen kan kenname dhimmoota hawaasaa, dinagdeefi siyaasaa wajjin wal-qabsiisuudhaani. Mootummootni muraasni gahee cimaa dhimma dinagdeefi hawaasummaa keessatti yoo taphatan garuu immoo qooda fudhannaa xiqqaa dhimma siyaasaa keessatti agarsiisu. Akkasumas, mootummootni kaan immoo qooda fudhannaa xiqqaa dhimma dinagdeefi hawaasummaa keessatti yoo agarsiisan; dhimma siyaasaa keessatti garuu sochii guddaa taasisu.

Gosa dimokiraasii keessatti kan baay'ee nama hawwatu adda baasuun murteessuun rakkisaa yoo ta'e iyyuu, dimokiraasiin walabaa addunyaa irratti bal'inaan fudhatama kan qabudha. Galmi dimokiraasii walabaa hirmaannaa uummata bal'aa filannoo keessatti arguufi dandeetti lammilee cimsuun gara kaadhimummaatti filuudha. Haaluma wal fakkaatuun dimokiraasiin kun fedhii gareefi nama dhuunfaa adda baasee keessummeessuuf yaala. Kunis olaantummaa mootummaa abbaa irree nama dhuunfaa irratti akka hin raawanne dhabamsiisuudha. Gabaabumatti dimokiraasii walabaa ilaalchisee wanti ifa ta'uu qabu yaadotni sadii adda ba'uu qabu: dhimma hawaasaa keessatti dimokiraasiin walabaa addaan ba'iinsa walabummaa amantiifi mootummaa mirkaneessuufi wal-qoodinsa hawaasa keessa jiru akka hafu taasisuudha.

Dinagdeen kaappitaalizimii mala oomishaafi bu'aa abbootii qabeenyaa dabaluu irratti xiyyeeffatedha. Gama siyaasaatiin bulchiinsa dimokiraatawaa, mirgaafi walabummaa dhunfaa mirkaneessuu, mootummaa gaaffii uummataaf deebii kennu, ittigaafatamummaa qabu, manneen murtii walaba ta'aniifi gartummaa hin qabne hundeessuufi k. k.f irratti xiyyeeffata. Fakkeenyaaf, Ameerkaa(U.S.A)fi Biritaniyaa guddittii.

Akaakuun dimokiraasii inni lammafaa dimokiraasii hawaasaati. Mata duree kana keessatti barattoota waliin waa'ee amaloota addaa dimokiraasii hawasaa irratti yaada wal jijjiruun murteessaadha. Garaagarummaan akaakuwwan dimokiraasii kana laman giddu jiru armaan dura irratti mari'atameera. Bu'uurri garaagarummaa isaanis wantoota xiyyeeffannoo isaan itti kennan irratti hundaa'a. Kana jechuun biyyoonni dimokiraasii hawaasaa(soshaalizimii) hordofan dhimmoota dinagdeefi hawaasaaf dursa kennu. Akaakuu dimokiraasii kana keessatti mootummaan dhimmoota dinagdeefi hawaasaa keessa ni seena. Kanaaf gabaan walaba miti. Sababni isaas gabaa to'achuufi sirreessuu keessatti giddu seentummaan mootummaa waan jiruuf.

Barannoo afur: Karaalee Hojii irra Oolmaa Dimokiraasii

Xumura barannoo kanaa booda barattootni:

- Karaalee hojii oolmaa dimokiraasii adda ni baasu.
- Maalummaa dimokiraasii kallattii ni ibsu.
- Hiika dimokiraasii al-kallattii ni kennu.
- Garaagarummaa dimokiraasii kallattii fi al-kallattii adda ni baasu.

Meeshalee baruu barsiisuu	Mala baruu barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi k.k.f dha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa ➤ Mala marii ➤ Mala gahee taphachuu.

Ibsa Waliigalaa Barannoo

Barannoon arfaffaan boqonnaa kanaa karaalee hojii irra oolmaa dimokiraasii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, gaaffilee xiinxala duraa lama gaafachuun eegala. Gaaffiin jalqabaa waa'ee dimokiraasii kallattii yommuu ta'u inni lammaffaa immoo dimokiraasii al-kallattii irratti xiyyeeffata. Kanafuu, gaaffilee kanaan barattoota dadammaqsuun barbaachisaadha. Gaaffileen kunis beekumsa duraan barattootni waa'ee dimokirasii kallattiifi al-kallattii irratti qaban madaaluuf gargaara. Dimokiraasiin kallattii yeroo tokko tokko dimokiraasii qulqulluu jedhamees ni waamama.

Dimokiraasii al-kallattiifi dimokiraasii bakka bu'iinsaa wal jijjirree itti fayyadamuu ni dandeenya. Haaluma wal fakkaatuun dimokiraasii kallattii immoo dimokiraasii qulqulluudhaan bakka buusuun ni danda'ama.

Barattootni waa'ee dimokiraasii kallattii ilaalchisee marii bal'aa taasisaniiru jennee ni abdanna. Akkuma kitaaba barataa keessatti ibsametti, dimokiraasiin kallattii/qulqulluun karaalee lammiileen ga'eessota dhiirota ta'an giddu seentummaa abbootii aangoo malee murtee kennuu keessatti hirmaachuun dimokiraasii hojii irra oolchaniidha. Kana jechuunis lammiileen ga'eessota kunneen murtee siyaasaafi dhimmoota biroo keessatti qooda fudhachuu jechuudha. Umriin ka'umsaa kan lammileen murtee siyaasaa adda

addaa keessatti hirmaachuuf taasisan biyyoota hunda keessatti wal hin fakkaatu. Yeroo ammaatti umriin ka'umsaa filannoo beekamaan waggaa 18, umriin ka'umsaa gadi aanaan waggaa 16fi umriin ka'umsaa olaanaan immoo waggaa 25 ta'uun biyyoota adda addaa keessatti tajaajilaa jiru.

Kitaaba barataa gocha 3.2, mata duree dimokiraasii kallattii jedhu jalatti: dimokiraasii kallattii murtee siyaasaa mara keessatti hojii irra oolchuun ni danda'ama. Darbee darbee barsiisaan barattoota gareedhaan affeeruun gochoota kanneen irratti akka isaan yaada wal jijjiiran gochuun barbaachisaadha. Xumura irratti haala armaan gadiitiin gudunfuun ni danda'ama. Dimokiraasii kallattii keessatti qabatamaadhaan wantoota muraasa hojii irra oolchuun ni danda'ama.

Haata'u malee, dimokiraasii kallattii gargaaramuun tokkoon tokkoo murtee siyaasaa hojii irra oolchuun hin danda'amu. Sababooni kunneenis: baay'ina uummataa, maallaqa, yeroofi qabeenya wajjin walqabata.

Kitaaba barataa keessatti yaad-rimee dimokiraasii kallattii ilaalchisee fakkiin 3.1 sirritti ibseera. Akkasumas, barattootni yaad-rimee dimokiraasii kallatti kana gadi fageenyaan akka xiinxalan godheera. Fakkii dhiyaate barattootni sirritti akka ilaalan taasisuun barsiisaa irraa ni eegama. Kanaafuu, barsiisaan ergaa fakkiin kun dabarsu gaafachuutu irra jira. Fakkiin 3.1, yommuu barattootni giddu seentummaa qaama biraa malee, bakka bu'aa isaanii filatan agarsiisa. Bu'uura fakkii kanaatiin barattootni sadii kan kaadhimaaman yoo ta'u barattootni hafan immoo bakka bu'aa isaanii filachuuf harka baasaa jiru.

Barannoo kana barsiisuuf mala ga'ee taphachuu fayyadamna. Kunis adeemsa murtoo uummataa kennuu(Refrendum) irratti xiyyeeffata. Akka kitaaba barattootaa keessatti ibsameen murtoon uummataa fakkeenya dimokiraasii kallattiiti. Adeemsa murtoo uummataa kennuu ilaalchisee heerotni biyyoota hedduu hirmaannaa lammiilee kallattiin kan gaafatu ta'uu isaa eera. Murtoon uummataa yommuu geggeeffamu dhimmi sagaleen irratti keennamu ifa ta'uu qaba. Haaluma kanaan murtoon uummataa sadarkaa bakka jireenyaatti, naannoofi biyyoolessatti geggeeffamuu danda'a.

Adeemsa kenniinsa murtoo uummataa sirritti ibsuuf gahee taphachuu kitaaba barattootaa irratti kenname fayyadami. Gahee taphachuu kana keessatti bulchiinsa godinaa irraa gara sadarkaa naannootti guddisuuf uummatni sagalee isaa kenneera. Kanaaf barsiisaan, barattootni sagalee isaanii kamiif akka kennan gaafachuu qaba. Mala gahee taphachuu

milka'aa gaggeessuuf barsiisaan/stuun kaardii lakkoofsa barattootaan qopheessuufi saanduqa sagaleen itti kennamu qopheessuu qaba.

Erga meeshaaleen kun qophaa'aniin booda, barattootni sagalee akka kennan taasisi. Barattootni sagalee isaanii kennanii akka xumuraniin barsiisaan sagalee lakka'uun bu'aa sagalee beeksisa. Amma hirmaannan barattootaa akkamiin akka ibsamu gaafachun, dhuma irrattis hirmaannaan isaanii kun fakkeenya gaarii dimokiraasii kallatti ta'uu isaa hubachisuun barsiisaa irraa eegama.

Karaan hojiirra oolmaa dimokiraasii inni lammaffaan, kan yeroo ammaa bal'inaan addunyaa irratti hojii irra oola jiru dimokiraasii al-kallattii yookaan bakka bu'iinsaati. Akka barattootaaf ifa ta'utti hanqinaalee dimokiraasii kallattii duraan barataniin wal qabsiisuun gaaffiin xiinxala duraa dhiyaateera. Gaaffiin kunis dimokiraasiin al-kallattii yeroo ammaa kana maaliif dimokiraasii kallattii caalaa filatamaa akka ta'e kan gaafatuudha.

Gaaffiiwwan mala xiinxala duraa irratti dhiyaatan ilaalchisee barattootni barnoota yeroo darbee kan yeroo ammaa waliin wal-qabsiisuun akka hordofan akkasumas waa'ee dimokiraasii al-kallattii irratti hubannoo akka qabaatan gargaareera. Mareeen barnoota darbe irratti taasifame barnoota haaraaf karaa saqeera. Tooftaan kunis barattootni daree keessatti yaada isaanii of danda'anii ni dhiyeessu, barsiisaan ammoo gaafficha gudunfuun haala armaan gaditiin dhiyeessa.

Dimokiraasiin al-kallattii(bakka bu'iinsaa) kun dimokiraasii kallattii caalaa daran fudhatama qaba. Sababni isaas haala salphaan hojii irra waan ooluuf, yeroo, humnaafi qabeenya qusachuuf gargaara.

Akkasumas waa'ee dimokiraasii kallattii ilaalchisee barsiisaan gudunfaa marichaa booda taasiseen: dimokiraasii bakka bu'iinsaa keessatti lammiileen bakka bu'oota biyyattii ni filatu, kana jechuunis maalummaan gosa dimokiraasii bakka bu'iinsaa kan agarsiisu uummanni marti dhimma isaanii keessatti kallattiidhaan hirmaatu jechuu miti. Garuu, yeroo marsaa filannoo kenname keessatti karaa nama filatameetiin dhimma isaanii murteeffatu jechudha. Kanaaf barsiisaan fakkeenya naannootti argamutti fayyadamuun yaadicha caalaatti qabatamaa gochuu danda'a. Fakkeenyaaf, paarlaamaa Itoophiyaa keessatti bakka bu'oonni uummataa walitti dhufuun dhimmoota adda addaa irratti mari'achuun seera raggaasisu. Bakka bu'oonni tokkoon tokkoon isaanii lammiilee biyyattii mara bakka bu'u. Ittigaafatamummaan aangoo seera baasuu mana marii bakka bu'oota uummataaf

kan kennamedha. Itoophiyaa keessatti miseensootni paarlamaa murtoo yeroo dabarsan dimokiraasiin al-kallattii hojii irra oolaa jiraachuu isaa agarsiisa. Kunis miseensonni mana marii kanaa akka bakka bu'aa uummatatti fudhatamu. Kitaaba barattootaa fakkii 3.3 keessatti yaad-rimeen dimokiraasii bakka bu'iinsaa barattootaaf sirritti ibsameera. Fakkiin kunis miseensonni mana mare bakka bu'oota uummataa yeroo murtoo isaani uummata bakka bu'uun dabarsan agarsiisa. Ergaan fakkii kanas lammiileen al-kallattiidhaan karaa bakka bu'oota isaaniin yeroo dimokiraasii al-kallattii hojii irra oolchan agarsiisa.

Barannoo Shan: Dimokiraasii Adeemsaafi Seeraa

Xumura barannoo kana booda barattootni:

- Garaagarummaa dimokiraasii adeemsaafi seeraa ni ibsu.
- Hiika dimokiraasii adeemsa ni hiiku.
- Yaad-rimee dimokiraasii seeraa ni ibsu.

Meeshalee baruu barsiisuu	Mala baruu barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi k.k.f dha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa ➤ Mala marii

Ibsa Waliigalaa Barannoo Kanaa:

Barannoo kana keessatti waa'ee dimokiraasii adeemsaaf seeraa bal'inaan dhiyaateera. Jalqabbii barannoo kanaa irratti gaaffileen xiinxala duraa garaagarummaa dimokiraasii adeemsaafi seeraa irratti xiyyeeffatu dhiyaateera. Barattoota irraa yaada erga fudhatteen booda barannoo kee eegali. Haaluma kitaaba barattootaa keessatti eerameen dimokiraasiin adeemsa; adeemsa mootummaa yookiin bulchiinsi hordofuu irratti yoo xiyyeeffatu, yaadni kun barattootaaf haaraa ta'uu waan maluuf fakkeenya adda addaa fayyadamuu qabda.

Isaanis:-

- ◆ Filannoo marsaa isaa eeggate taasisuu.
- ◆ Namootni umriin isaani filannoof gahe akka hirmaatan taasisuu.
- ◆ Namni tokko sagalee tokko qofa kennuu akka qabuufi k.k.f dha.

Gama biraatin, dimokiraasiin seeraa qabatamaatti mootummaan maal akka raawwatu irratti xiyyeeffata. Dimokiraasii seeraa keessatti kan ilaalamuu qabatamaatti bu'aa yookaan jijjiirama mul'ateedha. Fakkeenyaaf:-

- Oolaantummaa seeraa
- Walabummaa hawaasaa
- Walabummaan dubbachuu
- Walabummaa amantaa
- Wal-qixxummaa
- Walabummaafi of danda'uu manneen murtii fa'a.

Barannoo Jaha: Sonaawwan Dimokiraasii Xabboo

Xumura barannoo kanaa booda barattotni:-

- Barmaatilee dimokiraasii xabboo ni ibsu.
- Sonaawwan dimokiraasii xabboo biyya keenya ni addeessu.
- Gahee sonaawwan dimokiraasii xabboon qabu ni tarreessu.

Meeshalee baruu barsiisuu	Mala baruu barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi k.k.f dha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa ➤ Mala marii

Ibsa Waliigalaa Barannoo Kanaa

Barannoon xumuraa boqonnaa kanaa waa'ee sonaawwan dimokiraasii xabboo irratti xiyyeeffata. Barannoo kana deggaruuf fakkiin 3.3 dhiyaatera. Barsiisaan, barattootni fakkii ilaaluun yaada akka wal jijjiiran jajjabeessuu qaba. Fakkiin dhiyaate kun sonaawwan dimokiraasii xabboo Itoophiyaa irratti xiyyeeffata. Fakkiin kun addatti jaarsoliin biyyaa walitti qabamuun yommuu marii gaggeessan agarsiisa. Manneen murtii ammayyaa naannoo keenyatti yoo argaman iyyuu gaheen sonaawwan kun wal-dhabdee furuu keessatti qaban olaanaadha. Fakkeenyaaf;

- ❖ Jaarsummaan uummata Oromoo biratti hojii irra oola.
- ❖ Shimgilinnaan uummata Amaaraatiif
- ❖ Yeejokaan uummata guraageetiif
- ❖ Deyiraa cimmaan uummata walaayittaaf
- ❖ Enaashimaan uummata Beenishaangul Gumuziif
- ❖ Baayitoon uummata Tigraayitiif
- ❖ Mada'aan uummata Affaariitiif
- ❖ Xeer uummata soomaaleetiifi kanneen biroos ni jiru.

Deebii Gaaffilee Keessa Deebii

	1	2	3	4	5
I	Soba	Dhugaa	Soba	Soba	dhugaa
II	D	D	C	A	A

BOQONNAA 4

OLAANTUMMAA SEERAA

Ibsa Boqonnaa

Boqonnaa sadi keessatti barattoonni kee waa'ee dimokiraasii baratani jiru. Olaantummaan seeraa qajeelfama bu'uura dimokiraasiiti. Biyya dimokiraatawaa keessatti mootummaan nageenya kabachiisuuf mirgaafi akkasumas walabummaa lammiilee eegsisuuf itti gaafatamummaa qaba. Haata'u malee, kun kan danda'amu olaantummaan seeraa yoo jiraate qofadha. Boqonnaan kun akka waliigalaatti, yaad-rimee olaantummaa seeraa akkasumas hiika, madda, bu'aafi karaalee ittiin mul'atu ni ibsa. Akkasumas, barattoonni kee garaagarummaa olaantummaa seeraafi olaantummaa gaggeessitootaa ni baratu. Duma irrattis, wantoota olaantummaa seeraa cabsuu danda'an ni baratu.

JECHOOTAA IJOO

- Barmaatilee
- Danbiilee
- Haqummaa
- Malaammaltummaa
- Olaantummaa Gaggeessitootaa
- Olaantummaa Seeraa
- Safeeffannaa
- Seera Baastuu
- Seera Hiiktuu

Xumura boqonnaa kanaa booda barattoonni:

- Yaad-rimee olaantummaa seeraa ni agarsiisu.
- Maddoota seeraa adda ni baafatu.
- Faayidaa olaantummaa seeraa ni hubatu.
- Agarsiiftuwwan kabaja olaantummaa seeraa adda ni baafatu.
- Olaantummaa seeraafi olaantummaa gaggeessitootaa ni ibsu.
- Wantoota olaantummaa seeraa irratti dhiibbaa uuman ni hubatu.

Barannoowwan

4.1 Yaad-rimee Olaantummaa Seeraa

4.1.1 Madda seeraa

4.2 Bu'aa Olaantummaa Seeraa

4.3 Agarsiiftuwwan Kabajamuu Olaantummaa Seeraa

4.4 Olaantummaa seeraafi Olaantummaa Gaggeessitootaa

4.5 Wantoota Olaantummaa Seeraa Cabsan

Wayitii Ramadame: 18

Barannoo Tokko: Yaad-rimee Olaantummaa Seeraa

Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:-

- Yaad-rimee olaantummaa seeraa ni hiiku.
- Jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti haqummaa ilaalcha keessa galchu.
- Gochi nama tokkoo haqa ta'uufi dhiisuu ni xiinxalu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barattootaa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	Gaaffilee xiinxalaa duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo’achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Kitaabni barataa beekumsa barattoonni olaantummaa seeraa irratti duran qaban hubachuuf kan si gargaaran gaaffilee yaaliitiin eegala.

Ibsa barattootaa gaaffilee yaalii ilalachisee erga caqasteen booda seera haala armaan gadiitiin ibsiif;

- ✓ Dambiileefi qajeelfamoota dirqama lammiileen hordofuu qaban.
- ✓ Nageenya hawaasaa kan kabachiisuufi mirga lammiilee sarbama irraa kan hambisudha.
- ✓ Qajeelfama amala lammiilee bitudha.
- ✓ Mirgaafi itti gaafatamummaa keenya akka beeknu kan nu gargaarudha.
- ✓ Wanta nurraa eegamu yoo bahachuu baanne maaltu uumamuu akka malu nutti hima.

Gadi fageenyaan, olaantummaan seeraa kan ibsu namni kamiyyuu; dureessaas ta’ee iyyeessi, lammiis ta’ee bulchan seeraan ol miti isa jedhudha. Bu’uuruma isaarraa, olaantummaa seeraa jechuun aangooti seeraan fayyadamuu dhiisuu mootummaafi wal-qixxummaa seeraa duraatti namni kamiyyuu qabaatudha. Kanaafuu, qo’annaa caayaa kitaaba barataa/ttuu irratti hundaa’uun gaaffilee qophaa’an gaafachuudhaan yaada olaantummaa seeraa barattoonni gadi fageenyaan akka hubatan gochuutuu sirraa eegama.

- Haaluma kanaan deebiin barattoonni gaaffilee kanaaf kennan garaa gara yoo ta’es, gochaan barsiisaa/stuu dhimmicha irratti hangam haqa qabeessa ykn miti kan jedhu hubachuuf isaan gargaara. Dabalataanis, barattoonni bakka barattoota loogiin irratti taasifamee sana of buusanii akka yaadan isaan gargaara.
- Qo’annaa caayaa sana irratti barattoonni kee yeroo barachaa turanitti loogiin gulantaa dinagdee, namummaa, umrii, bifa, sabummaafi k.k.f giddu gala godhateen dhiibbaan irra gahaa ture yoo jiraate akka yaadatan taasisuu dandeessa.

Egaa barsiisaan/stuun olaantummaa seeraa yeroo ibsutti yaad-rimee haqummaatiin wal-qabsiisuun dirqama ta'a.

- ❖ Haqummaa jechuun sirrummaa safeeffannaa loogummaa hin qabneen karaa wal-qixxummaatiin nama tajaajiluufi wanta isaaniif malu kennuudha.
- ❖ Seerri loogummaa qaba kan jedhamu; koorniyaa, bifa, sanyii yookiin gulantaadhaan qoqqooddaan yoo jiraatedha.

Haqni gonkumaa dabaafi loogii qabaachuu hin qabu. Akkasumas, garaagarummaa haqummaafi wal-qixxummaa gidduu jiru ibsa kennuun barsiisaa/stuu irraa eegama. Haqummaan dhala namaa hunda akkaataa adeemsa seeraatiin haqaan tajaajiluudha. Wal-qixxummaan immoo nama kamiyyuu wal-qixaan tajaajiludha.

- Qo'annan caayaa dabalataa kitaaba barataa irratti argamu daree keessatti barattoonni yaad-rimee wal-qixxummaan tajaajilamu caalmaatti akka hubataniif kan dhiyaatedha. Yeroo barattoonni kee gaaffilee qo'annaa caayaa irratti hundaa'uun deebii kennan walumaa galatti wal-qixxummaan maal akka ta'e akka hubataniif deeggarsa ogummaa kenniif.

Barannoo Lama: Madda Seeraa

Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:-

- Madda seeraa ni beeku.
- Maddoota seeraa adda ni baasu.
- Heeraafi safeeffannaa akka maddoota bu'uuraa seeraatti wal-bira qabuun ni ilaalu.
- Adeemsa paarlaamaan barmaatilee uummataa gara seeraatti jijjiiru ni qoratu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota Baruu-Barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barattootaa, qalamafi qubeessaadha.	Gaaffilee xiinxalaa duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo'achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Amma barattoonni kee hubannoo olaantummaa seeraa argataniiru. Bu'uurri barannoo kanaa immoo maddoota seeraa adda baasuudha. Kanaafuu, salphaadhumatti barattoonni kee hubannaa maddoota seeraa qabaachuu isaanii beeekuuf madda seera Itoophiyaa gaafadhu. Gaaffii gaafattee kanaaf barattoonni kee deebii addaa addaa akka siif kennan abdadhu. Ibsa isaaniin booda barannoo kee eegaluu dandeessa.

Maddoonni seeraa ijoon bakka afuritti qoodamu. Isaanis;

1. Heera:- Heerri sanada olaanaa; tuuta qajeelfamootaafi dambiilee ta'ee; caasaaleefi sirnoota mootummaa, jaarmiyaalee mootummaafi karaalee isaan ittiin hojiirra oolan akkasumas hariiroo isaanii kan ibsudha.

2. Duudhaa:- Dur irraa kaasee duudhaan madda seeraa ture. Duudhaan wal-dhabdee namootaa gidduu furuufi murteessuuf gargaara. Duudhaaleen hawaasa keessatti gadi fageenyaan hubatamaa kan tureefi namni duudhaa sarbes hawaasa keessatti adabbii kan fudhatudha.

Mata duree kana ilaalchisee gaaffileen lama barattoonni yaada akka irratti kennan barbaadamu lamatu jiru. Gaaffiin jalqabaa barattoonni fakkii ilaalanii, fakkicha irratti ibsa akka godhanidha. Gaaffiin lammaffaa immoo barattoonni duudhaa naannoo isaaniitti argamu akka waliif qoodan kan gargaarudha.

3. Amantiifi Safeeffannaa:- Seeronni amantaafi safeeffannaan maddoota seeraati. As jalatti barattootaaf ibsa akka gootuuf gaaffileen lama ni jiru.

Agarsiiiftuun fakkichaa waa'ee barattootaa yeroo hunda qormaata hataniifi maal na dhiibde barsiisaa/stuu qormaaticha qoruu/rtuuti. Haaluma kanaan, wanta fakkicha irraa hubatan barattoonni kee akka mari'ataniifi fakkeenyi wal-fakkaataan yoo isaan muudatee beeka ta'e akka himan taasisi. Achii booda yaada isaanii kana yaad-rimee safeeffannaa waliin wal-bira qabuun ibsiif.

4. Qaama Seera Baasu:- Qaamni seera baasu itti gaafatamummaa seera biyyaa baasuu qaba. Gochi seeraa haaraa raggaasisuu kamiyyuu seera baasuu jedhama. Seera baasuun fedhii walabaa mana maree hunda of-keessatti haammata. Haaluma kanaan, seerri paarlaamaan baasu madda seeraa isa ijoodha.

Dabalataanis, qajeelfamoonniifi dambiileen daree barnootaas fakkeenya gaarii ni ta'u. Isaanis;

- Daree barnootaatti yeroon argamuu
- Barannoodhaaf meeshaalee barbaachisan hunda qabatanii argamuu
- Uffata dambii mana barumsaa haalaan uffatanii argamuu
- Ajajaafi erga darbu xiyyeeffannoodhaan hordofuu
- Barattoota biroo kabajuu
- Jechoota hin malle dubbachuu irraa of qusachuu
- Wantoota xuraa'oo ta'an qodaa isaanii keessatti gatuu
- Gaaffii gaafatamaniif deebii gahaa ta'e kennuu.

Erga qajeelfamootaafi dambiilee daree barnootaa irratti mari'ataniin booda garee xiqqoo uumuudhaan barattoonni akka yaada wal-jijjiiran ajaji.

- Kaayyoon ittiin bulmaata daree barnootaa qabaachuu, jeequmsiifi amalli badaan baruu-barsiisuu danqu akka hin uumamne hambisuufidha. Dabalataanis, galmi isaa naannoo mijataa uumuudha.
- Gaaffii lammataa ilaalchisuun barattoonni ejjennoo qajeelfamootaafi dambiilee ittiin bulmaata daree-barnootaa qabaachuun naannoo mijaawaa akka uumaniif gahoomsuu irratti xiyyeeffata. Daree barnootaa keessatti dambiileefi qajeelfamoonni barbaachisoodha, sababni isaa immoo barattoonni naamusa akka qabaatan, qulqullina daree akka qabaataniifi seera akka hordofan gargaara. Jiraachuu qajeelfamaafi dambiileetiif sababni guddaan barattoonni naamusa gaarii akka horataniifi. Qajeelfamnni daree hin jiru taanaan barattoonni naamusa horachuu hin danda'an. Manni barnootaa dambii ittiin bulmaataa yo hin qabaanne rakkoon lakkaawamee hin dhumne uumamu danda'a. Fakkeenyaaf, barattoonni barumsa gargar kutuu danda'u akkasumas barattoonni ofittoota ta'uu danda'un kun immoo, fulduraaf kufaatii fiduu danda'a.

- Gaaffiin xumuraa isa duraatiin wal-fakkaataadha. Barbaachisummaa Barsiisaa/stuu hordofuu sirriitti ibsa. Sababni isaayyuu gaheen barsiisaa/stuu barnoota barsiisuu qofa osoo hin taane, daree barnootaa hoogganuun adeemsa baruu-barsiisuu dhugoomsuudha.

Barannoo Sadi: Barbaachisummaa Olaantummaa Seeraa

Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:-

- Olaantummaa seeraa ni beeku.
- Bu'aa olaantummaa seeraa ni xiinxalu.
- Yaad-rimee olaantummaa seeraa haal-dureewwan dimokiraasiin irratti xiyyeeffatuuf gumaachu ni ibsu.
- Hariiroo olaantummaan seeraafi walabummaan dhuunfaa qabu wal bira ni qabu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barattootaa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxalaa duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo'achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Ammaan dura barattoonni kee yaad-rimee olaantummaa seeraafi maddoota seeraa baratani jiru. Amma immoo yeroo barbaachisummaa seeraa itti baratanidha. Seen-duubee barattootaa ilaalcha keessa galchi barattoota kee barbaachisummaa olaantummaan seeraa hawaasa tokkoof qabu gaafadhu.

Erga barattoonni ibsa godhaniin booda barattoonni seenessa kitaaba isaanii irratti argamu kan Bilisummaafi Bilisee jedhu haalaan akka dubbisan taasisi. Sanaan booda barattoota irraa gaaffilee seenessatti aananii dhufan deebisuutu irra jiraata.

- Gaaffiin jalqabaa adeemsa seera hordofuu ilaallata. Kunis kan irratti bu'uureffatu seera kabajuun yeroo ogeessoonni seeraa jiraan qofaa? Kan jedhudha. Seenessa dhiyaate irraa barattoonni seera kabajuun yeroo qaamni hojii raawwachisu jiru qofa akka hin taane baratu. Yeroo hundaafi bakka hundatti namni kamiyyuu seera kabajuufi seeraaf bitamuun dirqamadha.

- Bilisummaan yeroo ibsaa diimaan banamee jirutti daandii qaxxamurruu barbaade sababni isaa immoo to'atan tiraafikaa hin jiru jedhee waan yaadeefi. Kun immoo guutummaatti dogongoraafi naamusaan aladha. Yeroo ibsa diimaan ifee jirutti daandii osoo qaxxamuree, balaadhaaf of-saaxila, jireenyaa ofii isaafi haadha manaa isaa rakkoof saaxila. Barattoonni gadi fageenyaan cimina Bilisummaafi xiyyeeffanna haadha manaa isaarra wanta baay'ee baratu.
- Seerri haala kam keessattiyyuu kabajamuu qaba, of-eeggannoon haadha manaa isaa beekamtii argachuu qaba. Isheen jireenya ofii ishiifi kan isaa illee badii irraa baraarte.
- Qorannaan dhumaa, uummanni seeraan hin daangeffamu osoo ta'ee hawaasni tokko maal fakkaachuu danda'a kan jedhu irratti xiyyeeffata. Dirqamni seeraa ijoon nageenya uummataa kabachiisudha. Olaantummaan seeraa dimokiraasii keessatti argama ijooti; yoo kun hin taane immoo jeequmsiifi tasgabbii dhabuun uumamuu danda'a. Biyya tokko keessatti lammiileen seeraafi qajeelfamoota hin eegan yoo ta'e seera dhabeessummaatu babal'ata.

Hundaa'ol, barbaachisummaa olaantummaa seeraa ilaalchisee qabxiilee armaan gadii kaasuu dandeessa.

Dimokiraasii Dagaagsuu:- Barbaachisummaa olaantummaa seeraa dimokiraasiin wal-qabsiisuun ilaaluun gaariidha. Haal-dureewwan dimokiraasii hundeessuuf olaantummaan seeraa barbaachisaadha. Kanaafuu, olaantummaan seeraa akka ulaagaa ijoo mootummaa dimokiraatawaatti ilaalama.

Walabummaa Seera Hiiktuu Dagaagsa:-Faayidaan olaantummaa seeraa inni biroon qaamni seera hiiktuu akka of danda'ee walaba ta'ee dhaabbatu mirkaneessuudha. Olaantummaan seeraa qabatamaatti yeroo hojiirra oolu, of ta'anii dhaabbachuun manneen murtii dagaaguun qaama biraa irraa walaba ta'ee akka hojjetuuf gargaara. Yaad-rimeen kun barattootaaf haqa akka ta'uuf fakkeenya naannootti argamuu danda'u fayyadami.

Walabummaa Namoota Dhuunfaa Dagaagsa:-Olaantummaan seera yeroo lafa qabatu, mootummoonni lammiileen yaada garaa garaa qaban faallaa waliis ta'u; akka ibsachuu danda'an ni eeyyamu. Akkasumas, mootummaan walabummaa midiyaalee akka armaan gadiitti eeraman ni kabachiisa.

- Raadiyoo
- Televijiinii
- Gaazexaa
- Midiyaalee hawaasummaafi k.k.f.dha.

Olaantummaan seeraa yeroo sarbamu namni kamiyyuu mirga dubbachuufi yaada isaa bilisaan maxxansuu hin qabu. Qabatamaatti barattoonni yaada kana akka hubataniif fakkii dubartii dubbachuufis ta’ee yaada ishee barreessuu dhorkamtee hubachuun akka ajaa’ibsiifatan gargaari.

- Dhuma irratti, olaantummaan seeraa yeroo haalaan hojiiirra oolu, seera maleessummaafi abbaa irrummaa ni hambisa. Kun immoo lammiileen mirgi isaani sarbamaa jiraachuufi dhiisuu isaa akka adda baafatan gargaara. Biyya olaantummaan seeraa hin jirre keessa, mootummoonni abbaa irree fedhii uummataa ilaalcha keessa galchuurra humna filachuu jaalatu.
- Waluma galaatti, olaantummaa seeraatiin wal-qabatee gaaffileen barachuu barattootaa si’eessaniifi ibsa dabalataa siif kennuu danda’an kitaaba barataa irratti dhiyaatanii jiru.

Barannoo Afur: Agarsiiftuuwwan Kabajamuu Olaantummaa Seeraa

Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:

- Miira olaantummaa seera kabajuu ni ibsu.
- Agarsiiftuuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa ni hubatu.
- Namoonni murtii seeraan malee akka yakkamaa hin jedhamneef ni falmu.
- Bu’aa qoqqoodama aangoo mootummaa ni xiinxalu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barattootaa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxalaa duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo’achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Boqonnaan afur barannoo kana keessatti mul'istuuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa barsiisa. Barannoo kana jalatti barsiisaan/stuun barattoonni seera hordofaa jiraachuu yookiin dhiisuu isaanii agarsiiftuwwan isaa waliin gaafachuun irra jiraata.

Erga barattoonni kee ibsa kana godhanii booda, agarsiiftuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa akkaataa armaan gadiitiin dhiyeessiif.

- ❖ Jiraachuun walabummaa manneen murtii agarsiiftuu kabajamuu olaantummaa seeraa keessaa isa tokkodha. Walabummaa qaama seera hiiktuu jechuun abbootiin seeraa yeroo murtii kennan, dhiibbaa siyaasaa irraa walaba ta'uu qabu kan jedhudha.

Abbootiin seeraa kanneen armaan gadii irraa walaba ta'uu qabu.

- ✓ Paartii siyaasaa.
- ✓ Fedhii dhuunfaafi
- ✓ Yeroo wanta seerri barbaadu murteessan yaada uummataa irraa walaba ta'uu qabu.
- ❖ Agarsiiftuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa inni biroon dhabamuu seera maleessummaati. Bu'aa tilmaamamu galmaan gahuuf olaantummaan seeraa sirna seeraa hordofuu barbaada. Bu'aa tilmaamamaan kan agarsiisu namoonni wanta wal-fakkaataa dalagan kunuunsa wal-fakkaataa argachuu qabu kan jedhudha. Hunda caalaa, namoonni hundi:

Hangi badiin isaa/ishii mana murtiin mirkanaa'utti nama qulqulluudha.

Namni kamiyyuu seeraan ala qabamuu, hidhamuufi qabeenyi isaa irraa fudhatamuu hin qabu.

Adabbiin mana murtiin murteeffamuu kan qabuufi yakka dalagame waliin kan wal-madaalu ta'uu qaba.

Olaantummaan seeraa hordofamuu qaba.

Karaa biraatiin kabajamuun olaantummaa seeraa nageenyaafi tasgabbii olaanaa biyya keessa jiruun ibsama. Namoonni bakka olaanaa kan kennaniif nageenya ofii isaaniifi. Yeroo yakki baay'atu lammiileen mootummaa isaanii irraa amanamummaa ni dhabu. Dhimmi baay'ee yaaddessaan immoo namoonni seera harka ofii isaanii keessa galfatu.

Barannoo Shan: Olaantummaa seeraafi OLaantummaa Gaggeessitoota

Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:-

- Agarsiiftuuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa ni ibsu.
- Olaantummaa seeraafi gaggeessitoota ni hiiku.
- Karaalee olaantummaan seeraafi gaggeessitootaa hojiirra ooluu danda’u wal-bira qabuun ni madaalu.
- Jiraachuu olaantummaa gaggeessitoota mirgoota dhuunfaan wal-bira qabuun ni qeequ.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barattootaa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxalaa duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo’achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Akkuma baratame barannoo eegaluuf gaaffiilee xiinxala duraa gaafachuun barattoonni garaagarummaa olaantummaa seeraafi olaantummaa namootaa hubachuu isaanii adda baafadhu.

- Seera akka meeshaa aangoo siyaasaatti fayyadamuun olaantummaa gaggeessitoota jedhama.
- Olaantummaa gaggeessitootaa keessatti namni yookiin gareen tokko akka feetedhaan bulcha.
- Mootiin yookiin mootittiin aangoo daangeffamaa hin taane qabu kanaafis, seeraan ala aangoo isaanitti fayyadamu.
- Salphaadhumatti seera jechuun fedhii gaggeessitootaa jedhanii amanu.

Olaantummaan gaggeessitoota yoo lafa qabate:

- ◆ Namoonni dhuunfaa hidhamuu danda’u.
- ◆ Qabeenyi isaanii jala qabamuu danda’a.
- ◆ Namoonni ni doorsifamu.
- ◆ Namoonni biyya isaanii irraa ni baqatu.

Himannaa bu’uura seeraa hin qabneen namoonni ajjeeffamuu danda’u. Olaantummaan seeraafi olaantummaan gaggeessitootaa waliif faallaadha. Yaad-rimeen olaantummaa seeraa namni kamiyyuu bulchaayyuu yoo ta’e seera kabajee seera qabeessaan bulchuu qaba. Olaantummaan seeraa ilaalchota siyaasaa kam caalayyuu seera kabajuu agarsiisa.

Olaantummaan seeraa, qajeelfama seeraa qaamni olaanaan seera baasuuf aangoo qabu ittiin seera baasu jechuudha.

Walumaagalatti, yaad-rimeen olaantummaa seeraa yaada namni kamiyyuu seeraaf bitamuu qaba akkasumas namni kamiyyuu seeraa gadi jedhu ibsa.

Kanaafuu, gaaffilee garaa garaa kitaaba barataa/ttuu keessatti ka’an deebisuuf qajeelfamoota olaantummaa seeraa bu’uura ta’an armaan gadii eeruun ni danda’ama:

- Seerri lammiileefis ta’ee gaggeessitoota hunda ni bita.
- Gaggeessaas ta’ee inni bulchamu seera duratti wal-qixa tajaajilamuu qabu.
- Adeemsa seeraa keessa osoo hin darbiin namni kamiyyuu dogongoraan adabamuu hin qabu.
- Namni himatamee jiru hanga badiin isaa mana murtiitiin qulqullaa’utti nama qulqulluudha.
- Mootummaan heera bu’uura godhatee biyya bulchuu qaba.
- Ilaalchiifi gochaawwan namoota dhuunfaa mirgoota bu’uuraa heera keessatti wabii argatan irra tarkaanfachuu hin qabu .
- Bu’uurriifi hojiirra oolmaan seeraa sababa qabeessa ta’uu qaba.

Gaaffii lammaffaan dhabamuu olaantummaa seeraa, akka fakkeenyaatti tajaajila mana barumsa isaaniitti dhiyaatuun wal-qabata. Olaantummaan seeraa yoo hin jiraanne:

- ♦ Jeequmsiifi loogummaan hawaasaa ni babal’ata.
- ♦ Mirga namummaa miidhuun bilisummaa keenya harka mootummaatti galcha.

Dabalataanis, agarsiiftuuwwan dhabamuu olaantummaa seeraa manneen barnoota keessatti wantoota armaan gadiif saaxiluu danda’a:

- ☞ Barattoonni guyyaa baay’eef barnoota dhabuu.
- ☞ Yeroo baay’ee barattoonni barsiisaa/stuu isaanii hin dhaggeeffatan.
- ☞ Hiriyoota walii kabajuun hin jiraatu.
- ☞ Barattoonni osoo harka hin baasiin gaaffii gaafatu.
- ☞ Yaada haaraa gumaachuufi k.k.f ni hafu.

Barannoo Ja’a: Wantoota Olaantummaa Seeraa Cabsuu Danda’an

Xumura Barannoo Kanaa Booda Barattoonni:-

- Wantoota olaantummaa seeraa cabsan ni tarreessu.
- Qajeelfamoota olaantummaa seeraafi qabatamummaa isaa ni madaalu.
- Wantoota olaantummaa seeraa sarban adda ni baasu.

Meeshaalee Barnootaa	Maloota Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, waraqaa chaartii, gabatee adii, kitaaba barattootaa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxalaa duraa, od-ibsa boqotaa, marii garee, caayaa qo’achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Boqonnaa kana jalatti barannoon dhumaa wantoota olaantummaa seeraa cabsan irratti xiyyeeffata. Barannoon kun miidhaa dhabamuun olaantummaa seeraa angaa'otaafi jaarimiyaalee Itoophiyaa irratti qabu, ilaalchisee gaaffilee xiinxalaatiin eegala.

- Olaantummaan seeraa gaggeessitootaafi jaarimiyaalee mootummaa irratti dhiibbaa gaarii uumuu danda'a. Innis karaa isaan ittiin:-
 - ✓ Itti gaafatamummaa fudhachuu danda'an.
 - ✓ Akkaataa murtiin ittiin kennamu irratti.
 - ✓ Haala seerri ittiin hojiirra oolu ilaalchiseeti.
- Olaantummaan seeraa yaada namoonni hundinuu, jaarimiyaaleen hundinuu akkasumas qaamoleen marti seera uummataan baheef itti gaafatamummaa fudhatan irratti xiyyeeffata.

Wantoonni hojiirra oolmaa olaantummaa seeraa sarbuu danda'an kanneen armaan gadiiti:

* Olaantummaan seeraa haala gaariin hojii irra akka hin oolleef gufuu wanti ta'u malaammaltummaadha. Irra caalaan aanga'oota aangoo irra jiranii malaammaltummaa dhabamsiisuuf eeyyamamoo yoo hin taane, olaantummaan seeraa kabajamuu hin danda'u. Haaluma kanaan, gaaffii tokko malee malaammaltummaan hojiirra oolmaa olaantummaa seeraa garmalee quucarsa.

* Namoonni baay'een mootummaan yeroo seera cabsu, qeequudhaaf mirga seeraa akka qaban hin beekan. Sababa kanarraa kan ka'e, hanqinni barnootaa olaantummaa seeraa irratti dhiibbaa olaanaa qaba maaliif jennan; hanqinni hubannoo lammiileen badiifi seera sarbuu mootummaa yeroo arganitti ni callisu.

* Gaggeessitoonni dimokiraatawaa hin taane olaantummaa seeraa hin jaalatan sababni isaa immoo, dandeettii isaan itti faayidaa dhuunfaa ofii kabachiifatan duraa waan dadhabsiisuufi. Mootummoonni akkasii kunneen ummanni osuma cunqurfamaa jiruu fedhiifi galma ofii isaanii giddugala godhatu. Haaluma kanaan, wanti biroon kan hojiirra oolmaa olaantummaa seeraa miidhuu danda'u gaggeessummaa laafaa ta'edha.

* Wanti biraan olaantummaa seeraa sarbu hanqina jaalala biyyaati. Lammiin jaalala biyya isaa hin qabne faayidaa dhuunfaa ofitiif jecha olaantummaa seeraa sarbuu barbaada. Kana jechuun immoo namni akkasii kun gocha malaammaltummaan mootummaa irraa fayyadamuu barbaada jechuudha. Kanaafuu, lammiileen jaalala biyya isaanii qaban wantoota olaantummaa seeraa hubuu danda'an kanneen akka kirasassaabdummaa irratti duuluu qabu.

Deebii Gilgaala Xumura Boqonnaa Kanaa:

	1	2	3	4	5
I. Dhugaa/Soba	Soba	Dhugaa	Dhugaa	Dhugaa	Soba
II. Filannoo	C	D	D	A	A

III. Deebii Gabaabaa

1. Namni kamiyyuu seeraa gadi ta'uu isaa agarsiisa. Jecha beekamaadhaan mootummaa gaggeessitootaa; osoo hin taane mootummaa seeraa ibsa. Kaayyoon hundeeffama seeraa; hariiroo dhala namaa keessatti haqummaafi wal-qixxummaan tajaajilamuu ibsa. Seerri, hawaasummaa keessatti mirgoota namummaa bu'uura ta'an kabachiisuuf kan hundeeffamedha. Olaantummaan seeraa; nageenya, itti fufiinsaafi badhaadhina biyya tokkootiif haal-duree bu'uuraati.

2. Olaantummaan seeraa haala mijaawaa dimokiraasiidhaan ijaarame keessatti yommuu argamu, dimokiraasiinis naannoo mijataafi tolaa; olaantummaa seeraatiin dagaageefi uumame keessatti haalaan dagaaga. Hawaasa ammayyaawaa kam keessattiyyuu, bulchiinsi gaariin dimokiraasiifi olaantummaa seeraa haalaan dagaagsa.

BOQONNAA 5

MIRGOOTA NAMUMMAA

Ibsa Boqonnichaa

Boqonnaa shanaffaan kun mirgoota namummaafi yaad-rimeewwan mirgoota kanaan wal qabatan irratti xiyyeffata. Kanaafuu, barsiisaan/stun barannowwan 6tti qooduun kaayyoowwan waliigala boqonnaa kanaa galmaan gahuu ni danda'a/ssi.

JECHOOTAJOO

- ❖ **Abbagaar uummataa**
- ❖ **Chaartara mirgoota uummataafi namummaa kan Afirika**
- ❖ **Eegumsa labsii mirgoota namummaa walii galaa**
- ❖ **Ittigaaafatamummaa**
- ❖ **Komishinii mirgoota namummaa Itoophiyaa**
- ❖ **Mirgoota namummaa**

Gahumsa Barannoo	Barannoowwan
➤ yaad-rimee mirgoota namoomaa ni hiiku. ➤ Barbaachisummaa kabajamuu mirgoota namummaa ni ibsu. ➤ Itti gaafatamummaa safeeffannaa hawaasaa keessatti qaban ni agarsiisu. ➤ Itoophiyaa keessatti jaar-miyaalee mirgoota namummaa ni tarreessu.	5.1. Yaad-rimee mirgoota namummaa 5.2. Amaloota mirgoota namummaa 5.3. Barbaaachisummaa kabaja mirgoota namummaa 5.4. Ittigaafatamummaa safeeffannaa mirgoota namummaa 5.5. Tooftaaleefi jaar-miyaalee mirgoota namummaa 5.5.1. Tooftaalee mirgoota namummaa 5.5.2. Jaar-miyaalee mirgoota namummaa Itoophiyaa 5.6. Gahee mootummaan mirgoota namummaa dhugoomsuuf qabu

Wayitii Barannoo Kenname: 18

Barannoo Tokko: Hiika Dimokiraasii

Xumura barannoo kanaa booda barattootni:

➤ Yaad-rimee dimokiraasii ni hubatu. ➤ Mirgoota namummaa ni ibsu. ➤ Fakkeenyawwan mirgoota namummaa ni tarreessu.

Mala baruu-barsiisuu	Meeshaalee Barnootaa
➤ Gaaffilee marii garee, caayaa qo’achuufi k.k.f	➤ Gabatee gurraacha/adii, boronqii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, qalamaafi qubeessaa.

Ibsa Gabaabaa Barannoo:

Marii barnoota guyyaa har’aa osoo hin eegaliin gaaffiwwan xiinxala duraa irratti dhiyaatan lamatu jiru. Gaaffiin xiinxala duraa inni jalqabaa, barattootni yaad-rimee mirgoota namummaa akka hubataniifi seenaa gara boodaatti deebi’uun akka xiinxalan gochuudha. Gaaffiin xiinxala duraa kan itti aanu; mirgootni namummaa maal jechuu akka ta’e, eessaa akka maddeefi fakkeenyawwan mirgoota namummaa akka kennan taasisi. Kanaafuu, barattootni hirmaannaa hoo’aa gochuun yaada dhuunfaa isaanii ni kennu. Barsiisan ammoo dabalataan marii barannoo guyyaa akka gaggeeffamu ni jajjabeessa. Haaluma kitaaba barataa irratti ibsameen mirgootni namummaa irra caalaatti bu’uura mirgoota hundaa kan ta’eefi namni tokko sababa dhala namaa ta’eef qofa kan inni qabaatudha. Kanaafuu, barsiisaan/stuun yaadotaafi fakkeenyawwan mirgoota namummaa kana ilaalchisee ibsa ni kenna/ti. Sababni isaas, sadarkaa kanatti mirgoota siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, lammiileefi aadaa sirriitti adda baasanii beekuu qabu. Qajeelcha barsiisaa kana keessatti bal’inaan mirgootni namuummaa haala armaan gadiitiin ibsamaniiru. Mirgootni lammiileefi siyaasaa kan of keessatti hammatu:

- ❖ Mirga lubbuun jiraachuu
- ❖ Mirga socho’uu
- ❖ Mirga eenyummaa dhuunfaa ofii, mirga yaadu, qalbeeffachuu, amantaa
- ❖ Bilisummaa yaadaafi dubbii
- ❖ Bilisummaa gurmaa’uu
- ❖ Bilisummaa walga’uu
- ❖ Garbummaa irraa bilisa ta’uu, dirqamaan hojii humnaa hojjechuu dhiisuu
- ❖ Mirga walabummaafi bilisummaa nama dhuunfaa
- ❖ Mirga filachuufi filatamuufi kkf dha.

- ❖ Mirgootni dinagdee, hawaasummaafi aadaa kan of keessatti qabatu;
- ❖ Mirga hojjechuu
- ❖ Mirga waldaalee daldalaa keessatti gurmaa'uufi dinagdee
- ❖ Mirgoota bilisummaa hawaasaa
- ❖ Mirga eegumsa maatii
- ❖ Mirga jireenya mijataa argachuu(nyaata gahaa, uffataafi mana jireenyaa)
- ❖ Mirga fayyummaa qaamaa
- ❖ Mirga barachuu fi k.k.f dha.

Yeroo mariin garee taasiftanitti; barattootni kan hubachuu qaban mirgootni dhala namaa wajjin walqabatan kamiyyuu mirga namummaa ta'uu isaati. Akkasumas mirgootni namummaa kan namni addunyaa kana irra jiru marti addaa addummaa tokko malee dhalootaan yookaan uumamaan qabaatudha.

Barannoo kana jalatti barattootni garee adda addaa shan kan hin caalletti qoodamuun waa'ee qoqqoodinsa daa'immaan irra gahuufi miidhama mudannoo addaa kitaaba barataa keessatti ibsame irratti maree hirmaachisaa gaggessuu qabu. Barsiisaan/stuun immoo dareef gaaffilee kanneen dhiyeessuu qaba/bdi. Xiyyeeffannoon guddaan seenichaa maalture? Yeroo daa'imni tokko namoota irraa adda bahu yookiin miidhamu akkamitti beekuu dandeessaa? Xumura irratti, barsiisaan ibsa garee irraa dhiyaate daree hundaaf dhiyeessuu qaba. Yaadotni dhiyaatan kunneen tokkoon tokkoon isaani mirgoota namummaa wajjin kan walqabatan ta'uu qaba. Dabalataan barsiisaan/stuun ibsa gabaabaa labsii waliigaltee mirgoota daa'immanii, mirga lubbuun jiraachuu daa'immaniifi sarbama kam irraayyuu bilisa ta'uu akka qaban hubachiisuu qaba/bdi. Barbaachisummaan keeyyata labsii mirgoota daa'immanii mootummoota gamtoomanii kanneen armaan gadiiti:

- ❖ Keeyyata 3: Ga'essonni wanta daa'immaniif barbaachisu ni raawwatu.
- ❖ Keeyyata 6: Mirga jiraachuu qabu.
- ❖ Keeyyata 14: Mirga waan fedhan yaaduu, amantaa barbaadan hordofuufi maatiin waan sirriifi dogongora ta'e adda baasani barsiisuu qabu.

- ❖ Keeyyata 15: Mirga hiriyyoota jaalatan waliin wal baruu qabu.
- ❖ Keeyyata 17: Mirga odeeffannoo argachuu qabu. Fakkeenya; Raadiyoo, Televijiinii, kitaabileefi bakkeewwan biroo irraa.
- ❖ Keeyyata 19: Namni kamiyyuu karaa kaminuu isaan miidhuu hin qabu.
- ❖ Keeyyata 24: Mirga fayyummaa guutuu qabaachuu.
- ❖ Keeyyata 27: Mirga nyaataa, uffataafi, bakka jireenyaa argachuu qabu.
- ❖ Keeyyata 28: Mirga barachuu.
- ❖ Keeyyata 30: Mirga aadaa ofii fayyadamuu, amantaa barbaadan hordofuufi afaan ofitiin dubbachuu.
- ❖ Keeyyata 31: Mirga taphachuu.
- ❖ Keeyyata 37: Mirga hidhamuu dhiisuu.

Barannoo Lama: Amaloota mirgoota namummaa

Xumura barannoo kanaa booda barattootni:

- Amaloota mirgoota namummaa ni ibsu.
- Amaloota mirgoota namummaan wal qabatan ni tarreessu.
- Maalummaa waliigalaa mirgoota namummaa ni ibsu.
- Sababoota mirgootni namummaa mulqamuu hin qabneef ni ibsu.
- Amaloota gargar bahuu dhisuufi waltumsuu mirgoota namummaa ni ibsu.

Meeshalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalamafi, qubeessaadha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, Mala mariifi Caayaa qo’achuu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti amalootni mirgoota namummaa adda bahani kitaaba barataa keessatti ibsamani jiru. Barannoo guyyaa kanaa osoo hin eegaliin gaaffilee xiinxala duraa dareef dhiyeessuun barbaachisaadha. Gaaffileen kunneenis; waa'ee mirgoota namummaa akka waliigalaatti fudhatama qabaachuufi dhabuu ilaalchisee barattootni yaada isaani calaqqisiisuu qabu. Erga yaadni barattootaa dareef dhiyaateen booda amaloota bu'uuraa mirgoota namummaa irratti marii ni jalqabu.

Kitaaba barataa keessatti amalootni bu'uuraa mirgoota namummaa afur dhiyaatani jiru. Fakkeenyaaf; fakkiin 5.1 kan irratti xiyyeeffatu; maalummaa waliigalaa mirgoota namummaa addunyaaleessa guutuu kan agarsiisudha. Fakkichi kan dhiyaate salphaadhumatti mirgootni namummaa waliigalaa daangaa tokko malee namoota hundumaaf hojii irra ooluu akka qabudha. Kunis barattootni maalummaa waliigalaa mirgoota namummaa haala gaariin akka hubataniifidha.

Fakkiin 5.2 maalummaa gargar bahuufi wal-irratti hirkatoo ta'uu mirgoota namummaa irratti xiyyeeffata. Fakkiin kunis kan ibsu mirgi namummaa; mirgoota namummaa biroo irratti hundaa'a; mirga kana tokkoo isaa cabsuun kan biraa akka cabu godha yaada jedhudha. Amalootni bu'uuraa mirgoota namummaa kun mariidhaan sirritti gabbataniiru. Hirmaannaa barattootaa cimsuun barannoo guyyaa kana si'eessuuf daran barbaachisaadha.

Barannoo sadi: Bu'aa Kabajamuu Mirgoota Namummaa

Xumura barannoo kanaa booda barattootni:

- Bu'aa kabajamuu mirgoota namummaa ni hubatu.
- Itoophiyaa keessatti barbaachisummaa kabajamuu mirgoota namummaa ni ibsu

Meeshalee barnootaa	Mala baruu barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalamaafi qubeessaadha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, Mala marii, ➤ Caayaa qo'achuufi k.k.fidha.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun barbaachisummaafi qabatamummaan kabaja mirgoota namummaa Itoophiyaa keessatti maal akka fakkaatu kan ibsudha. Barattootni gaaffiwwan xiinxala barannoo duraa fayyadamuun barbaachisummaan kabaja mirgoota namummaa maaliif Itoophiyaa keessatti akka fayyadu ibsa kennuu qabu. Haaluma wal fakkaatuun, barattootni marii garee taasisuun biyyatti keessatti miira hawaasummaa barbaadamu mirkaneessuu keessatti yaaadota mirgoota namummaa kana gara qabatamaatti fiduudhaaf tooftaalee barbaachisan irratti ni mari’atu. Kanaafuu, gochoota kanneen irratti mari’achuun barannoon guyyaa salphaatti akka hubatamuu gargaara.

Barannoo Afur: Ittigaafatamummaa Safeeffannaan Kabaja Mirgoota Namummaa Keessatti Qabu

Xumura barannoo kana booda barattootni:

- Itti gaafatamummaa safeeffannaa, namni kabaja hawaasaa keessatti qabu ni dinqisiifatu.
- Eenyu akka itti gaafatamummaa kabaja mirga namootaa eegsisu adda ni baasu.
- Hiika itti gaafatamummaa seeraa eegsisuu ni ibsu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, qalama, qubeessaafi k.k.f	➤ Gaaffiwwan xiinxala duraa gaafachuufi hojii garee

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun carraaqpii oolaanaa barsiisaa barbaada. Sababni isaas, yaad-rimeewwan barannoo kanaa hanga tokko wal-xaxaadha. Kanaafuu, gaaffileen xiinxala barannoo duraa barbaachisoofi quubsaa ta’an barattootaaf dhiyaachuu qabu. Fakkeenyaaf, uummatni addunyaa mirgoota namummaa kabachiisuuf itti gaafatamummaa namoomaa cimaa qabu moo hin qaban? Hawaasa addunyaaf ittigaafatamummaa namoomaa jechuun maal jechuudhaa? Hawaasa addunyaa jechuun saboota addunyaa jechuudha. Ittigaafatamummaa

namoomaa jechuun ammoo ittigaafatamummaa yeroo barbaadamutti uummata cinaa dhaabbachuu jechuudha. Yaada itti gaafatamummaa namoomaa jedhu kana kabaja mirgoota namummaa eegsisuu wajjiin wal-qabsiisuun kitaaba barataa keessatti bal'inaan dhiyaateera. Haata'u malee, barsiisaan gadi fageenyaan ibsa itti kennuu qaba. Kanaafuu, haala armaan gadiin ibsa itti kennuun ni danda'ama. Yeroo dheeraadhaaf mirgootni namummaa akka dhimma biyya tokkoo qofatti ilaalamaa ture. Kana jechuun biyyoonni biroofi hawaasni addunyaa gidduu hin seenu jedhamee yaadama ture. Keessumattu sarbamni mirgoota namummaa dhimmoota jajjaboo kanneen akka duguggaa sanyii wajjin walqabatu. Kanaafuu, qabatamaan sarbamni mirgoota namummaa yeroo raawwatutti hawaasni addunyaafi biyyoonni biroon dhunfaadhaan hojii gahaa irratti hojjechaa hin turre. Kunis dhimmootni mirgoota namummaa kun dhimma keessoo biyya tokkoo qofa jedhamee ilaalamaa ture. Jarraa 20^{ffaa} keessa ilaalchi kun suuta suuta xiyyeeffannoo guddaa argataa dhufe. Yeroo ammaa, yaad-rimeen birmadummaa biyya tokkoo kan irratti xiyyeeffatu giddu seentummaa biyya alaa(idil-addunyaa) hambisuun cinaatti itti gaafatamummaa nageenya uummataa tiksuudha.

Miseensonni Dh.M.G (Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii); fulbaana 16, bara 2005 tti qajeelfama raawwii ittigaafatamummaa kabaja mirgoota namummaa ilaalchisee sagalee guutuudhaan raggaasisaniiru. Akkaataa qajeelfama kanaatti; tokkoon tokkoo biyyoota addunyaa itti gaafatamummaa uummataa ni qabu. Fakkeenyaaf; duguuggaa sanyii uummata irraa ittisuu, yakka waranaa hambisuu, walitti bu'iinsa sabaa hambisuu, sarbama mirga namummaa hambisuufi k.k.f dha. Qajeelfama kana irratti hundaa'uun Itoophiyaanis; uummata biyyattiif eegumsa gochuuf itti gaafatamummaa ni qabdi. As keessatti, wanti hubatamuu qabu; akkaataa mootummaan gocha sukkaneessaa kanneen irraa uummata isaa ittisuu yoo hin dandesenye maaltu godhamuu qaba? Kan jedhudha. Deebiin barattootaas; mootummaan gochoota sukkaneessaa kanneen uummata isaa irraa ittisuuf yoo dadhabe; hawaasni addunyaa giddu seentummaa itti gaafatamummaa namoomaa akka qabudha. Kanaafuu, qaama walitti bu'iinsa uumu irratti karaa mana marii nageenya tarkaanfiin ni fudhatama. Akkaataa barbaachisummaa isaatti mootummoonni gamtooman karaa mana marii nageenyaatiin itti gaafatamummaa nageenya uummataa gochoota sukkaneessaa irraa eeguu qabu.

Barannoo Shan: Tooftaalee Ittiin Mirgoota Namummaa Hojii Irra Oolchan

Xumura barannoo kanaa booda barattootni:

- Tooftaalee mirgoota namummaa kanneen ni himu.
- Karaalee mirgoota namummaa hojii irra ittiin oolchan ni ibsu.
- Dhaabbilee idil-addunyaa mirgoota namummaa adda ni baasu.
- Dhaabbilee sadarkaa naannootti mirgoota namumma kabachiisuuf hundaa’an ni tarreessu.
- Dhaabbilee Sadarkaa biyyaatti mirgoota namummaa kabachisuuf hundaa’an ni tarressu.

Meeshalee Barnootaa	Mala baruu barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, qalamafi qubeessaa.	➤ Gaaffiwwan xiinxala duraa, hojii gareefi caayaa qo’achuu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Gochaawwan xiinxala duraatti aansee barsiisaan/stuun maree garee barannoo guyyaa gaggeessuu qaba/bdi. Sadarkaa biyyoolessaatti qaamonni addaa addaa tarsiimoowwan mirgoota namummaa hojiirra oolchuu akka danda’an barattootni ni hubatu. Kitaaba barataa keessatti sadarkaa biyyoolessaatti, ardileefi addunyaa irratti tarsiimoowwan mirgoota namummaa hojiirra ittiin oolchan adda bahanii jiru. Fakkenyaaf, tokkoon tokkoo tarsiimoowwan mirgoota namummaa ilaalchisee fakkiiwwan agarsiifaman salphaatti hubannoo dabaleera. Kanaaf barsiisaan/stuun fakkiiwwan kanneen haalan akka ilaalan jajjabeessuu qaba/bdi.

Gocha 5.4: ilaalchisee barattootni akka hubannoo gabbifatan yookiin osoo hin hubatin hafan barattoota gaafachuun adda baasuun ni danda’ama. Gochootni addaa addaa daree keessatti erga xumuramanii booda, kanneen armaan gadii ilaaluun barbaachisaadha.

- ❖ Labsii waliigalaa mirgoota namummaa bara 1948.
- ❖ Labsii waliigaltee qoqqoodinsa sanyii hambisuu idil-addunyaa bara 1965.

- ❖ Labsii waliigaltee mirga lammiileefi siyaasaa idil-addunyaa bara 1966.
- ❖ Labsii waliigaltee dinagdee, hawaasummaafi mirgoota aadaa idil-addunyaa bara 1966.
- ❖ Labsii qoqqoodinsa dubartoota irra gahu hambisuuf bara 1979 bahe.
- ❖ Labsii gara jabina, sarbama mirga dhala namaafi miidhama qaamaa irra gahu hambisuuf bara 1984 bahe.
- ❖ Labsii mirgoota daa'immanii bara 1989.
- ❖ Labsii mirgoota hojjetoota godaantota ta'aniifi miseensota maatii godaantota idil aaddunyaa ittisuuf bara 1990 bahe.
- ❖ Labsii namoota humnaan jireenya isaanii dhabamsiisuuf yaalan hambisuuf bahe kan idil-addunyaa bara 2006.
- ❖ Labsii namoota qaama hir'uu hambisuuf bara 2006 bahe.

Fakkeenyawwan waliigaltee mirgoota namummaa kan ardii Afrikaa;

Chaartara mirgoota namummaafi uummataa bara 1981.

Chaartara mirgootaafi nageenya daa'immanii bara 1990 bahe.

Fakkeenyawwan waliigaltee mirgoota namummaa biyyoolessa Itoophiyaa;

Boqonnaa sadaffaan heera mootummaa Itoophiyaa(keeyyatni 1-44) akka fakkeenya waliigaltee mirga namummaa biyyoolessa Itoophiyaatti fudhatama.

Barannoo Jaha: Gahee Mootummaan Mirgoota Namummaa Kabachiisuuf Qabu

Xumura barannoo kanaa booda barattootni:

- Tooftaalee mirgoota namummaa ni hubatu.
- Gahee mootummaan mirgoota namummaa kabachisuuf qabu ni tarreessu.
- Akkaataa mirgootni namummaa ittin kabajaman ni ibsu.
- Mirgoota namummaa eegsisuun maal akka ta'e ni dhiyeessu.
- Maalumma kabajamuu mirgoota namummaa ni ibsu.

Meeshalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, qalamafi qubeessaa.	➤ Gaaffiwwan xiinxala duraa, hojii gareefi caayaa qo’achuu.

Barannoon kun fakkeenya qabatamaafi salphaa ta’e kitaaba barataa keessatti dhiyeesseera. Kanaafuu, barsisaan/stuun, qabxiilee ijoo kitaaba barataa keessatti kennaman irratti xiyyeeffachuu qaba/bdi.

Deebii Gilgaala Boqonnaa Kanaa:

	1	2	3	4	5
I	Dhugaa	Soba	Dhugaa	Dhugaa	Dhugaa
II	D	D	B	A	A

BOQONNAA 6

DHIMMOOTA HAWAASUMMAA KEESSATTI HIRMAACHUU

Ibsa Boqonnaa

Boqonnaa shan keessatti barattoonni kee waa'ee yaada bu'uuraa mirga dhala namaa baratani jiru. Kanaaf, barattoonni waa'ee faayidaa mirga dhala namaa, dirqama namoomaa mirga namummaa eeguu keessatti; tooftaalee mirga dhala namaa kabajuuf fayyadaniifi, mirga dhala namaa kabachiisuu irratti gaheen mootummaa maal akka ta'e hubataniiru. Boqonnaa jaha keessatti immoo waa'ee dhimmoota hirmaannaa hawaasummaa ni baratu. Itti aansuun, jalqaba irratti waa'ee hiikaafi yaad-rimee isaa ni ilaalu. Kanaan booda, waa'ee barbaachisummaa hirmaannaa uummataafi faayidaa tola ooltummaan hawaasaaf qabu irratti ni mari'atu. Dhuma irrattis, waa'ee dhimmoota siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa ni ilaalu.

JECHOOTAA IJOO

- Aangessuu
- Amanamummaa
- Beekumsa Xabboo
- Hawaasa
- Hirmaannaa Hawaasummaa
- Of-danda'uu
- Rakkoo Furuu
- Tola Ooltummaa

Gahuumsa Barachuu Barattootaa	Barannoowwan:
➤ Hiika hirmaannaa uummataa ni beeku. ➤ Faayidaa hirmaannaa uummataa ni himu. ➤ Faayidaa tajaajila tola ooltummaa ni ibsu. ➤ Gosoota hirmaanna uummataa ni ibsu. ➤ Aadaa hirmaannaa uummataa ni guddisu.	➤ Hiika hirmaannaa hawaasummaa ➤ Faayidaa hirmaannaa hawaasummaa ➤ Faayidaa tajaajila tola ooltummaa hawaasaaf ➤ Dhimmoota hirmaannaa uummataa ➤ Dhimmoota hawaasummaa ➤ Dhimmoota siyaasaa ➤ Dhimmoota diinagdee

Barannoo Tokko: Hiika Hirmaannaa Hawaasummaa

Wayitii Ramadame: 18

Xumura barannoo kanaa booda barattoonni:-

➤ Hawaasummaa jechuun maal akka ta'e ni hiiku. ➤ Yaad-rimee hirmaannaa hawaasaa ni ibsu. ➤ Himaannaa hawaasummaaf deeggarsa ni godhu. ➤ Galma jalqabaa hirmaannaa hawaasaa ni ibsu. ➤ Faayidaa hirmaannaa hawaasaa ni mirkaneeffatu.
--

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaa, waraqaa barreeffamaafi k.k.f.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, marii garefi caaya qo'achuu

Ibsa Barannoo

Barannoo kee kan guyyaa har'aa jalqabuuf, jechi hawaasa jedhu maal akka ta'e barattoota kee gaafadhu.

- ❖ Hawaasni miira naannoo isaaqaamaan yookiin hafuuraan qooddachuu ni danda'u.
- ❖ Hawaasa naannoo jechuun garee ummataa kan naannoo tokko jiraatu ta'ee;
- ✓ Ganda
- ✓ Koonyaafi
- ✓ Ollaa itti gaafatamummaa bahachuu qabu kan of-keessatti hammatudha.
- ❖ Hawaasni daangaa murtaa'een hin hundoofne wantoota armaan gadiitiin kan uumamudha.Isaanis;
- ◆ Fedhiidhaan,
- ◆ Yaadaan,
- ◆ Eenyummaadhaan,
- ◆ Taateewwaniifi
- ◆ Gahee hawaasaa jaarimiyaalee hawaasaa keessatti; sadarkaa manaa, bakka hojii, bulchiinsaafi hawaasaatti bahatunidha.

Amma barattoonni kee hiika ati dhiyeessite kana irratti hundaa'uun akka waa'ee hawaasaa yaadan kakaasi. Jecha hawaasa jedhuufi hirmaannaa jedhu yommuu walitti fiddu barattoonni ibsa dhuunfaa irraa marii gareetiin akka xiyyeeffannoon mari'atan taasisi.

Hirmaannaan hawaasaa kan gaafatu;

- ❖ Hariiroo guddaa yeroo dheeraafi dhimmoota wal-xaxaaf furmaata hiika qabu fiduuf, hawaasa wajjiin dalaguufi dhageeffachuu
- ❖ Dhimoota faayidaa waliigalaa kan hawaasa miidhan furuuf, miseensa hawaasaa wajjiin dalaguu

- ❖ Obbolummaa uumuuf adeemsa dheeraa ogeessota, angaa'ota mootummaa, tajaajila kennitootaafi miseensa hawaasaa kan barbaadu.
- ❖ Odeeffannoo kennuuf, adeemsa karaa lamaa faallaa adeemsa karaa tokkoo kan tamsa'ina odeeffannoo mootummaa yookiin hooggansa biroo irraa hawaasaaf ta'udha.

Barannoo Lama: Barbaachisummaa Hirmaannaa Hawaasummaa

Xumura barannoo kanaa booda barattoonni:-

- Barbaachisummaa tajaajilli tola ooltummaa hawaasaaf qabu ni ajaa'ibsiifatu.
- Galma jalqabaa tajaajila tola ooltummaa ni dhiyeessu.
- Bu'aa tajaajila tola ooltummaa ni ibsu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, marii garee, caayaa qo'achuu, gahee taphachisuu, bira qabuun agarsiisuufi hubachiisuu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Erga hirmaannaan hawaasaa maal akka gaafatu qorattee booda, barannoo lammataa irratti barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaa irratti xiyyeeffadhu. Guddinni dinagdeefi hawaasummaa kan mirkanaa'uu hirmaannaa hawaasaan malee carraaqqiin biroo bu'aa argamsiisuu hin jiru. Sababni isaas maaliif lammiileen kaka'uumsaan rakkoo akka adda baasan, furmaata addaa akka kaa'an, gochaafi qabeenyaaf dursa kennuu irratti gahee isaanii akka taphatanidha.

Kitaaba barataa/ttuu keessa gaaffilee lamatu jira. Gaaffiin jalqabaa, kaka'uumsa jalqabaa namoonni dhimmoota hawaasaa irratti akka hirmaataniif ifa godhee kan agarsiise yoo ta'u, inni lammataa galma jalqabaa hirmaannaa hawaasaa irratti xiyyeeffata.

Gaaffii waa'ee “faayidaa hirmaannaa hawaasaa mana barnootaa keetii”, jedhuuf deebii armaan gadii fayyadamuu dandeessa:

- ☞ Mijaa'ina mana barnootaa fooyyessuu.
- ☞ Itti gaafatamummaa hooggansa mana barnootaa guddisuu.
- ☞ Dandeetti hirmaattotaa fooyyessuu.
- ☞ Dandeetti, gahuumsaafi fooyya'iinsa qabxii barattootaa guddisuu.
- ☞ Ittigaafatamummaa bu'aa barnootaafi qabeenyaa guddisuu.
- ☞ Qabiyyee barnootaafi maloota baruu-barsiisuuf haala aadaan wal-simsiisuu.
- ☞ Maatiin fedhii ijoollee isaanii akka guutaniifi deeggarsa akka godhan ni taasisa.
- ☞ Barnootaaf haala mijeessuuf waliigala naannoo mana barnootaa fooyyessuu.
- ☞ Manneen barnootaa dandeettii raawwachuu caalatti akka cimsatan gargaara.
- ☞ Humni barachuu danda'u martinuu dalagaalee baruu-barsiisuu irratti akka hirmaatan jajjabeessuu.
- ☞ Hojiin baruu-barsiisuu karaa wal gargaarsaan akka hojjatamuufi fedhii waliigalaa barachuu hawaasaa deebisuuf gargaara.

Barbaachisummaa hirmaannaa uummataa ilaalchisee sababoonni biroo hedduutu jiru; kunis:-

- ✓ Yaadonniifi gochaawwan naannoo akka dagaagu taasisa.
- ✓ Namoonni adeemsicha keessatti hirmaataa yoo ta'an miira itti hora.
- ✓ Furmaanni beekumsa xabboo hawaasa bal'aa irratti hundaa'u dhaqqabamaafi bu'a qabeessa ta'a.
- ✓ Fudhatamummaan karooraafi pirojektotaa akka dabaluu taasisa.
- ✓ Miira waliigaluufi wal-hubachuu fooyyessa.
- ✓ Mootummaan maal akka dalagaa jiruufi dalaguuf karoorfatu hirmaattota hubachiisa.

- ✓ Lammiileen rakkoolee naannoo isaanii jiru akka furan jajjabeessa.
- ✓ Hawaasni gama hundaan akka gamtoomu taasisa.
- ✓ Dandeettii rakkoo furuufi beekumsa lammiilee ni fooyyeessa.
- ✓ Carraa dandeettii waliigaluufi murtee murteessuu akka shaakalan taasisa.

Haaluma kanaan, hirmaannaan uummataa, dandeettii rakkoo hiikuu hirmaattotaa fooyyessuun dhimmoota kallattii addaa addaan qorachuun furmaata waaraa akka barbaadan dandeessisa.

Barannoo Sadi: Bu'aa Tajaajilli Tola Ooltummaa Hawaasaaf Qabu

Xumura barannoo kanaa booda barattoonni:-

- Miira hirmaannaa hawaasummaa ni hubatu.
- Jecha tajaajila bilisaa jedhu ni hiiku.
- Bu'aa tajaajila tola ooltummaa ni tarreessu.
- Tajaajila tola ooltummaa irratti hirmaachuun rakkoo hawaasaa ni furu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, marii gareefi caayaa qo'achuu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barbaachisummaan barannoo kanaa bu'aa tajaajila hawaasaa ibsuudha. Barannoo kana yommuu eegaltu, tajaajilli hawaasa maal akka gaafatu barattoota kee gaafadhu. Gaaffiin kuni jecha dalagaa 'tolaa' jedhu irratti akka ati waa'ee hubannoo barattoota keeti beektu si fayyada. Kanaaf, erga barattoonni yaada isaanii dudubbatanii booda, waa'ee tola ooltummaa irratti haasofta. Kunis tola ooltummaan akka asii gadiitti ibsama.

- ♣ Kaffaltii malee gumaacha yeroo, humnaafi dandeettii fedhii ofitiin raawwatamudha.
- ♣ Dalagaa waliigaltee, dirqamaa yookiin imaanaa irraa adda.
- ♣ Gocha ofittummaa malee kan namni dhuunfaan ykn gareen tajaajila kenneef kaffaltii hin gaafannedha.
- ♣ Hirmaannaa tolaa gareen namoota; dhimmoota hawaasummaa, arjummaafi naannoo irratti hawaasaaf godhanidha.

Karaa biraatiin tola oolaa jechuun nama;

- ♦ waan tokko faayidaa nama biraaf dalagu;
- ♦ waan dalageef kaffaltii hin eegneefi
- ♦ Dandeettii, beekumsaafi muxannoo addaa addaa fayyadamee hawaasaaf wanta addaa kan gumaachudha.

Tajaajila tola ooltummaatiif umriin akka ulaagaatti hin fudhtamu garuu, dandeettiifi fedhii namni tokko namoota gargaarsa barbaadan deeggaruuf qabutu ragaadha. Dhugumatti faayidaan kun kan ibsu, tola ooltummaan maaliif adunyaa irratti hagana baratamaa ta'aa akka dhufedha. Seenaan haadha ofittummaa hin qabne(Dr.kabajaa Abbabach Goobanaa) kan agarsiisu gaarummaan tola ooltummaa nama isa raawwatuuf qofa osoo hin taane, warren tajaajila barbaadaniifis bu'aadha.

Amma immoo yaad-rimee tola ooltummaan maaliif barbaachisadha jedhu gadi fageenyaan yeroo ilaalludha.

Tola ooltummaan wantoota armaan gadii argamsiisuf baay'ee barbaachisa. Isaanis:-

- ♦ Namoota umrii hundaa, sanyii garaa garaafi garee hawaasaa garaa garaa asiin dura wal argitanii hin beekne wajjiin wal si qunnamsiisuuf
- ♦ Ilaalcha ofiif qabnu dagaagsuuf/dabaluuf
- ♦ Waa'ee kee ilaalcha gaarii akka qabaattuuf
- ♦ Ofitti amanamummaa guddisuuf
- ♦ Dhimmoota hawaasaa furuuf carraa siif kenna.

- ♦ Umriifi muuxannoon jireenya kee osoo si hin daangessin jireenyi kee kallattiifi hiikaa haarawaa akka argatu godha.
- ♦ Dandeetti barnoota kee fooyyessuuf
- ♦ Amala badaa miidha geessisan irratti hirmaachuu hir'isuuf
- ♦ Ilaalcha hawaasaan waliigalu guddifachuuf
- ♦ Dandeettiiwwan barbaachiisoo iddoo hojii kanneen akka qunnamtii, qindoomina, rakkoo furuu, karoorsuufi qindeessuun gochatti jijjiiruuf oola.

Faayidaalee tola ooltummaa tuqamaniin alatti barattoonni kee faayidaalee biroo akka itti dabalan gochuu ni dandeessa.

Barannoo Afur: Haalota Hirmaannaa Hawaasaa

Xumura barannoo kanaan booda barattoonni:-

- Haalota hirmaannaa hawaasummaa ni ibsu.
- Haalota hirmaannaa hawaasaa sadan ni mirkaneessu.
- Haala hawaasni siyaasa keessatti qabu ni tarreessu.
- Haala hirmaannaa hawaasaa kan dinagdeefi hawaasummaa wal madaalchisu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, gabatee adii, kitaaba barataa, barreessituu, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, marii garee, caayaa qo'achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Boqonnaa kana barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaa eeruun jalqabi.

- ♦ Malaafi tarsiimoo karoorfame,
- ♦ Galteefi yeroo ramadameefi
- ♦ Hirmaachuuf fedhii jiru

Kanatti aansuun, gara haalota uummataa tokko tokkoon gadi fageenyaan ibsuutti ce'uu dandeessa. Isaanis;

- ✓ Hawaasummaa
- ✓ Dinagdeefi
- ✓ Siyaasaadha.

Dhimmoota Hawaasummaa

Hirmaannaa uummataa kan hawaasummaa irratti xiyyeeffate irratti mar'achuuf yeroo qophii taasiftetti, gaaffilee xiinxala duraa gaafachuun barattoonni kee fakkeeniyota hirmaannaa uummataa kan hawaasummaa waliin wal-qabatu akka kennan taasisi.

Deebii barattoota kee irraa erga argatteen booda, hirmaannaan uummataa namoota umrii hundarra jiraniif keessumaa; maanguddooliif hangam barbaachisaa akka ta'e ifatti dubbadhu.

Dhimmoota hirmaannaa uummataa kan hawaasummaa keessatti namni haalli ittiin ibsamu sadarkaa dhuunfaafi walaan akkasumas itti yaaduun tola ooltummaa keessatti yoo hirmaatedha.

Kanaafuu, galmi isaa qulqullina tajaajila uummataa fooyyessuufi hawaasaaf mijataa akka ta'u taasisuudha. Kana gochuu keessatti, karoorri tajaajila hirmaannaa uummataa uumuufi dhiyeessuu adeemsa mataa isaa danda'e qabaachuu qaba.

Yaada kana barattoota keef ifa gochuuuf, qabiyyee barnootaa akka fakkeenyaatti fayyadamuu dandeessa.

Irra caalaatti, gaaffileen kitaaba barattootaa keessa jiran yaad-rimeefi shaakalliiwwan hirmaannaa uummataa akka hubatan barattoota kee dandeessisi.

Kanaafuu, waa'ee hirmaannaa hawaasaa mana barnootaa keessaatti taasifamuufi hirmaannaan hawaasaa mana barnootaa keessaa hagam faayida qabeessa akka ta'e yaada akka wal jijjiiran barattoota kee deeggari.

Dhimmi hirmaannaa hawaasaa inni biroon dhimma siyaasaati. Asitti barattoonni gaaffilee kitaaba isaanii irratti ka'eef deebii kennuuf beekumsa duraan qabanitti fayyadamanii akka ibsan taasisuun ni gorfama. Gaaffiin kitaabicha irra jiru barattoonni kee garee barattoota shan qabuun qoodamanii fakkeeniyota hirmaannaa hawaasummaa kan siyaasaa akka caqasan ni barbaada. Yaa ta'utii, atis akkasuma barattootatti kallattii agarsiisuun sirraa eegama.

- ◆ Qabatamaatti, dhimmi siyaasaa hirmaannaa uummataa; qabiyyee sirna siyaasaa dimokiraatawaaf baay'ee barbaachisaadha.
- ◆ Murtoo siyaasaa kennuu keessaati, sagaleen uummataa isa ijoodha.
- ◆ Akaakuun hirmaannaa siyaasaa fakkeeniyota ka'an qofa osoo hin taane kanneen armaan gadii illee ni dabalata. Isaanis;
- ✧ Gaggeessitoota isaanii filachuu
- ✧ Imaammata uummataa qopheessuu
- ✧ Odeeffannoo barbaaduu
- ✧ Walgayii gaggeessuu
- ✧ Paartilee siyaasaaf hirmaannaa maallaqaa taasisuu
- ✧ Hiriira nagaafi dhaadannoo qopheessuu akkasumas
- ✧ Seera baastota waliin wal-qunnamtii gochuudha.

Haata'u malee, akaakuun hirmaannaa siyaasaa; baay'ee dammaqiinsa qabu miseensa paartilee siyaasaa ta'uudha. Kunis kan dabalatu:

- ✦ Duula filannoo gaggeessuu,
- ✦ Filattoota galmeessuu
- ✦ Yaada barreessuufi dhiyeessuu,
- ✦ Uummataaf hojjechuufi filatamuuf carraaquu.

Kanuma irraa ka'uudhaan, yeroo fudhatanii waa'ee adeemsa hirmaannaa siyaasaa beekuufi irratti hirmaachuun, hawaasaafis ta'ee akka walii galaatti biyyaaf faayidaa mataa isaa qaba.

Hirmaannaan hawaasummaa inni sadaffaan hirmaannaa dinagdee jedhama. As irratti osoo barattoota keef homaa hin ibsin, dhimma hirmaannaa uummataa kan dinagdee irratti fakkeenya mataa isaanii akka kennan gaafadhu. Akkasumas, waan caqasan kan barattoota cinaa isaanii waliin akka wal madaalchisan taasisi.

- ❖ Dhimmi hirmaannaa uummataa dinagdee kan ibsu, adeemsa walitti fufaa; guddina hawaasaa keessatti miseensonni hirmaannaa dinagdee akaakuu garaa garaa taasisanidha.
- ❖ Dhugaadhumaan, hirmaannaan uummataa, akka yaad-rimeetti giddu gala guddinaati. Sababiin isaas dandeettii:
- ❖ Dhiibbaa uumuu,
- ❖ Carraaqii taasisuufi
- ❖ Faayidaa miseensota hawaasaa hundaaf jecha haala baratamaa dura dhaabbachuuf gargaara.

Amma barattoota kee muuxannoo maatiin isaanii naannoo keessatti qaban gaafadhu. Hirmaannaa maatiin isaanii piroojektoota naannoo; adda baasuufi hojiitti jijjiiruu keessatti qaban gaafachuu dandeessa. Kana gochuudhaan, barattoonni kee muuxannoo gaariifi gaarii hin taiin dubbachuu danda'u.

Hawaasni sochiilee guddinaa keessatti hirmaachuun; bu'aalee armaan gadii ni argata:

- ♦ Itti quufinsa hirmaannaa isaa irraa argatutti ni gammada.
- ♦ Hawaasni akka waliigalaatti bu'aafi faayidaa ni argata.
- ♦ Namoota hawaasa fayyaduu hin dandeenye tajaajilaan ala taasisa.

Faayidaa kanaan alatti immoo hirmaannaan hawaasa carraaqii guddinaa taasisu keessatti; wantoonni armaan gadii akka raawwataman gargaara.

- ◆ Baasiwwan pirojeektotaa xiqqeessuu
- ◆ Uwwisa tajaajilaa babal'isuu
- ◆ Malaafi jijjiirama bulchiinsaa jajjabeessuu
- ◆ Fudhatamummaa pirojeektootaa jajjabeessuu
- ◆ Kenniinsa faayidaa; haala wal-qixaan hoogganuu
- ◆ Sochii qabeenya naannoo jajjabeessuufi
- ◆ Itti fufiinsa pirojeektotaa mirkaneessuudha.

Deebii Gaaffilee Gilgaala Keessa Deebii

	1	2	3
I. Dhugaa/Soba	Soba	Dhugaa	Soba
II. Filannoo	A	B	C

III. DEEBII GABAABAA

1. Faayidaaleen tola ooltummaan warra fudhatuufi tola ooltotaaf qabu maal fa’a?

Tola ooltotaaf:

- ✓ Ofitti amanamummaa ni argatu
- ✓ Jijjiirama ni fidu
- ✓ Namootaan wal-baru
- ✓ Hariiroo hawaasummaa isaanii ni dabala
- ✓ Gartuu/miseensa hawaasa ni taasisa
- ✓ Beekumsa haaraa ni baratu
- ✓ Rakkina irraa akka oolan godha
- ✓ Dalagaafi ilaalchaa gaarii ni qabaatu
- ✓ Nageenya namoota biroof ni gumaachu
- ✓ Miira hiriyummaafi walbaruu ni dabala
- ✓ Gochaalee hawaasaa ni dabala
- ✓ Yeroo ofii oomishtummaaf irra caalaatti akka fayyadamaniif
- ✓ Gammachuu qabaachuufi. k.k.f

Tola Ooltummaa warra fudhataniif immoo;

Dhaabbilee garaagaraaf:

- ✓ Kaayyoo isaanii akka galmaan ga'an
- ✓ Beekumsa, ogummaa fi muuxannoo garaagaraa akka dagaagsan
- ✓ Bu'aa qabeessummaa irra akka ga'aniif
- ✓ Beekumsa waa'ee sababii, eenyummaa fi hojii dhaabbatichaa beeksisuuf
- ✓ Hawaasa keessatti walitti dhufeenya ijaaruufi kanneen hawaasicha keessa jiraniif gumaachuudhaaf
- ✓ Hawaasa waliigalaaf beekumsa akka dagaagfataniifi karaa ittin hojii argatan carraa kennaaf
- ✓ Dhaabbatichatti akka tolu gochuu, wantoota fayyadamtoonni isaanii barbaadan qabatanii turuufi dalagaawwan isaanii fooyyessuuf carraawwan jiran adda baasuuf
- ✓ Tajaajila yookiin pirojeektii bu'aa qabeessaafi ga'umsaan kennuun maallaqaafi qabeenya qusachuuf

Nama dhuunfaatiif:

- ✓ Tola ooltummaan fayyaafi nageenya dhuunfaa fooyyeessuuf.
- ✓ Miira hirmaannaa guddisuufi miira kophummaa xiqqeessuuf
- ✓ Ofitti amanamummaa fi miira eeggattummaa qabaachuuf.

2. Haalota sadeen hirmaannaa uummataa:

- ✓ **Hawaasummaa:-** galmi isaa qulqullina tajaajila ummataa fooyyessuufi hawaasni walitti dhufeenya akka qabaatu gochuu dha.
- ✓ **Siyaasa:-** wantoota barbaachisoo sirna siyaasa dimokiraatawaa keessaa isa tokko.
- ✓ **Dinagdee:-** miseensota hawaasaa akaakuu garaagaraa adeemsa guddina ummataa itti fufiinsa qabu mirkaneessan of-keessatti hammata.

Irra caalaatti, gosoonni hirmaannaa hawaasummaa sadan hundinuu akka tasaatti kan uumaman yookiin qajeelfama sababa malee miti. Hundaa'ol,

- ✓ tooftaafi karoora tarsiiimoof ni gargaara
- ✓ Qabeenyaafi yeroo ramaduufi
- ✓ Dhimmichaaf kutannoo qabachuuf.

BOQONNAA 7

GADI FAGEENYAAN YAADUU

Ibsa Boqonnichaa

Boqonnaan kun gara xumuraatti kitaaba kana keessatti dhiyaate. Barannoo kana xumuruuf wayitiiwwan 15 ol akka itti fudhatudha. Haaluma kanaan, boqonnaa kana barannoowwan afuritti qooduun kaayyoowwan waliigalaa boqonnichaa galmaan gahuun ni danda'ama.

JECHOOTAA IJOO:

- **Gadi Fageenyaan Yaaduu**
- **Gamtaan Hojjechuu**
- **Kalaqa**
- **Rakkoo Furuu**
- **Xiinxala**

Gahumsa Barannoo	Barannoowwan
➤ Hiika gadi fageenyan yaaduu ni ibsu. ➤ Faayidaa gadi fageenyaan yaaduu ni ibsu. ➤ Dandeettiwwan gadi fageenyaan yaaduu ni himu.	➤ Hiika Gadi Fageenyaan Yaaduu. ➤ Faayidaa Gadi Fageenyaan Yaaduu. ➤ Dandeettii Gadi Fageenyaan Yaaduu.

Baay’ina Wayitii Ramadamee: 18

Barannoo Tokko: Hiika Gadi Fageenyaan Yaaduu

Xumura barannoo kanaa booda barattootni;

- Yaad-rimee gadi fageenyaan yaaduu ni ibsu.
- Hiika jecha gadi fageenyaan yaaduu jedhu ni kennu.
- Xiinxala sababa qabeessa ta’e ni ibsu.
- Maddoota odeeffannoo adda ni baasu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, marii garee, caayaa qo’achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Boqonnaaan kun kan duraanii wajjin yeroo madaalamu hanga tokko wal-xaxaa fakkaata. Kanaaf barsiisaanis/stuunis hanga danda’amuun haala salphaa ta’een dhiyeessuuf yaaluu qaba. Akkuma baratame, mariin garee osoo hin eegalin barattootni gaaffilee xiinxala barannoo duraa irratti akka yaada wal-jijjiiran jajjabeeffamuu qabu. Barattootni hiika gadi fageenyaan yaaduu jedhu dhaga’anii beeku moo hin beekanii? Akkuma kitaaba barataa keessatti hiikni jecha gadi fageenyaan yaaduu fakkeenyawwan adda addaa fayyadamuun ibsametti fakkiin 7.1 akkasuma yaadicha sirriitti ibsa. Dabalataanis, barannoo kana

gabbisuuf caayaa qo'achuun ibsuuf yaalameera. Qo'annan caayaa kun gama biroon kan of keessatti qabatu dhaabbilee sab-qunnamtii hawaasaa akka madda odeeffannootti ni gargaaru moo hin gargaaran yaada jedhudha. Kana keessatti gochaawwan adda addaa marii gareef dhiyaachuu qaba. Gochi jalqaba marii gareef dhiyaachuu qabu, karaaleen dhaabbileen hawaasaa adda addaa kanneen akka feesbuukii, odeeffannoo ittiin sassaaban barbaachisadha moo miti? Kan jedhudha. Akkuma kitaaba barataa keessatti ibsametti, dhaabbileen sab-qunnamtii hawaasaa adda addaa jiraachuun barbaachisaadha yeroo jennu, odeeffannoowwan kallattii kanaan argaman hundi dhugaafi qabatamaadha jechuu miti. Barattootnis kanneen nama dogongorsaniifi dhugaa hin taane akka jiran hubatanii madda odeeffannoo dhugaa qofa irratti xiyyeeffachuu qabu.

Barannoo Lama: Barbaachisummaa Gadi fageenyaan Yaaduu

Xumura barannoo kanaa booda barattootni;

- Barbaachisummaa gadi fageenyaaan yaaduu ni beeku.
- Barbaachisummaa gadi fageenyaan yaaduu ni ibsu.
- Rakkoowwan gadi fageenyaan yaaduu dhabuun fidu ni tarreessu.
- Garaagarummaa odeeffannoo dhugaafi soba gidduu jiru ni ibsu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
Gabatee gurraacha, boronqii, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, marii garee, caayaa qo'achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoo lamaffaan barbaachisummaa gadi fageenyaan yaaduu irratti xiyyeeffata. Osoo barannoo haaraan hin eegaliin dura gaaffilee xiinxala duraa dhiyaatan irratti mar'itamu qaba. Barattoonnis fakkeenyawwan muraasa rakkoolee gadi fageenyaan yaaduu dhabuun fidu akka ibsan irraa eegama. Haaluma wal fakkaatuun, barsiisaan/stuun gaaffilee kana irratti barattoota hirmaachisuu qaba/bdi. Kitaaba barataa keessattis barbaachisummaan

gadi fageenyaan yaaduu sirriitti adda baheera. Irra caalaattis, yaadni gadi fageenyaan yaaduu kun akka barbaachisummaa isaatti haala salphaatti hubatamuu danda’uun dhiyaachuu qaba.

Barannoo Sadi: Dandeettiiwwan Gadi Fageenyaan Yaaduu

Xumura barannoo kanaa booda barattootni;

- Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu ni ibsu.
- Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu ni eeru.
- Maalummaa xiinxalaa ni ibsu.
- Jecha gamtaan hojjechuu jedhu ni hiiku.
- Faayidaa gamtaan hojjechuu ni tarreessu.

Meeshaalee Barnootaa	Mala Baruu-Barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, gabatee adii, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi waraqaa barreeffamaa.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa, marii garee, caayaa qo’achuufi k.k.f.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoo sadaffaan boqonnaa kanaa waa’ee gadi fageenyaan yaadu ibsa. Gara barannoo guyyaa kanaatti osoo hin seeniin, gaaffilee xiinxala barannoo duraa hojjechuuf yaali. Gaaffiin xiinxala duraa kun barattootni muuxannoo isaani waa’ee gadi fageenyaan yaadu waliif haa qoodan. Kanaafuu, barsiisaan tokkoo tokkoon barataa muuxannoo isaanii akka dareef qoodaniif haa onnachiisu. Erga gaaffii xiinxala barannoo duraa hojjetanii booda immoo barannoo guyyaa eegaluun ni danda’ama. Yeroo marii kanaa barsiisaan barbaachisummaa karaalee adda addaa gadi fageenyaan yaadu irratti xiyyeeffachuu qaba.

Barattootni hundinuu sammuu isaanitti waa’ee dandeetti gadi fageenyaan yaaduu jireenya isaani keessatti qabaachu qabu. Barsiisaan barattoota waa’ee faayidaa gadi fageenyaan yaaduun barnoota isaaniif qabuufi biyyi keenya Itoophiyaan faayidaa irraa

argattu hubachiisuu qaba. Sababni isaas biyyi keenya rakkoofi qormaata qabdu furuuf gadi fageenyaan yaaduun barbaachisaadha. Waa'een gadi fageenyaan yaaduu kitaaba barataa keessatti haalaan ibsameera. Kanaafuu, barsiisaan sirriitti irratti xiyyeeffachuu qaba. Barannoo kana keessatti caayaa qo'achuun waa'ee barattoota lama daree keessatti walitti bu'aanii dhiyaate jira. Qo'annan caayaa kun haala salphaan barattootni kun maal irratti akka walitti bu'an ibsa. Barattootni walitti bu'an kun wal-dhabdee/garaagarummaa isaanii karaa nagaan hiikkachuu irra humnaan rakkoo isaani furachuu barbaadan/yaalan. Yommuu barattootni kun lamaan walitti bu'an; barattootni daree isaani muraasni immoo humna fayyadamuu dhiisuun lola kana akka dhaabaniifi karaa nagaan rakkoo isaani akka furatan gorsan. Faallaa barattoota kanaa; barattootni daree kanaa muraasni biroon immoo waa'ee wal-dhabdee barattoota kanaa yaada addaa qabu turan. Qo'annaa caayaa gocha (7.3) irratti hundaa'uun barattootni gareen akka irratti mari'atan dhiyaatera. Gochi kun wal-dhabdeen barattoota kana lamaanii akkamitti akka furamu irratti xiyyeeffata. Barsiisaan/stuun yeroo walitti bu'iinsi uumamu humna fayyadamuu/okkora uumuun gaarii akka hin taane barattoota hubachiisu qaba. Wal-dhabdee furuuf okkorri yookaan humnatti fayyadamuun bu'aa gaarii hin qabu. Barattootni kan beekuu qaban; yoo walitti bu'iinsi barattoota gidduutti uumame adeemsa karaa nagaan qofaan wal-dhabdeen furamuu/hikamuu qaba. Haaluma kitaaba barataa keessatti dhiyaateen; dandeettiin gadi fageenyaan yaaduu barannoo lama keessatti adda ba'aniru(xiinxalaafi gamtaan hojjechuudha). Gamtaan hojjechuuf gaaffiileen xiinxala duraa yaadni isaani wal-qabatu sadi xiyyeeffannaa argataniru.

Gaaffiin xiinxala duraa inni jalqabaa, barattootni muuxannoo gamtaan hojjechuu kamiyyuu jireenya isaanii keessatti yoo qabaatan akka himan gaafachuudha. Gaaffiin xiinxala duraa lammataa immoo; waa'ee garee isaaniitiin maal akka hojjetan yookaan muuxannoo garee isaanii ta'a. Gaaffiin xiinxala duraa inni sadaffaan, barattootni faayidaa isaan gamtaan hojjechuu irraa argatan akka himan gaafachuu ta'a. Gaaffiileen xiinxala duraa erga hojjetamaniin booda; gara marii barannoo guyyaa sanaatti akka darban gorsuu qaba. Kanaafuu, waa'een yaada gamtaan hojjechuu gocha (7.4) keesaatti dhiyaate irratti akka mari'atan jajjabeessi. Hojiin gamtaa barattootaaf baay'ee barbaachisaadha; kunis hiriya haaraa baafachuuf, yeroo gaarii waliin qooddachuuf, yeroo dandettiin addaa addaa walitti dabalamu; miraa tokkummaa/kan waliinii jedhu ni uuma.

Gochi lammataa barattootni hanqina yookiin rakkoo guddaa gamtaan hojjechuun qabu akka himan ta’a. Gamtaan hojjechuu keessatti yeroo baay’ee miseensotni garichaa tokko tokko itti gaafatamummaa isaaniif qoodame fudhachuu dhiisuufi itti gaafatamummaa ofii isaani bahachuu dhabuun tokkummaa garee sanaa ni miidha. Yaada gamtaan hojjechuu barattootaaf ibsuuf caayaa qo’achuun dhiyateera. Qo’annaan caayaa kun kan irratti xiyyeeffatu waa’ee garee kubbaa miilaa biyyoolessa Itoophiyaa(maqaan masoo isaa waaliyaa)ti. Qo’annaan caayaa kun kan agarsiisu milkaa’ina garee kubbaa miilaa kamiif iyyuu tokkoo tokkoon taphataa gahee mata isaa gumaachuu qaba. Haaluma kanaan, yeroo barataan/ttuun hojii garee keessatti qooda fudhatu/ttu; hirmaannaan tokkoo tokkoo barataa/ttu adeemsa baruu-barsiisuu bu’a qabeessa godha.

Qo’annaa caayaatti aansuun, gochi(7.5) barattootaaf yaada irratti akka kennan dhiyaateera. Barsiisaan/stuun caayaa qo’achuu kana irratti barattootni ibsa akka kennan affeeruu qaba.

Barannoo Afur: Kalaqaafi Rakkoo Furuu

Xumura barannoo kanaa booda barattoonni:

- Garaagarummaa kalaqaafi rakkoo furuu adda ni baasu.
- Waa’ee rakkoo furuu ni ibsu.
- Maalummaa kalaqaa ni ibsu.

Meeshalee Barnootaa	Mala baruu barsiisuu
➤ Gabatee gurraacha, boronqii, gabatee adii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa, qalama, qubeessaafi k.k.f dha.	➤ Gaaffilee xiinxala duraa ➤ Mala marii ➤ Caayaa qo’achuu

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun boqonnaa torbaffaafi kitaaba kanaaf isa xumuraati. Barannoon kun waa’ee kalaqaafi rakkoo furuu irratti xiyyeeffata. Haaluma kitaaba barattootaa keessatti eerameen; kalaqnifi rakkoo furuun; dandeettii gadi fageenyaan yaaduuti. Barannoo sadaffaa keessatti akkuma kaafame, dandeettiin gadi fageenyaan yaaduu lama(xiinxaluufi gamtaan

hojjechuu) bira ga'ameera. Barannoon kun barannoo darbe waliin hariiroo qaba; sababni isaa caacculeen gadi fageenyaan yaaduu waan ibsamaniifi. Akkuma kitaaba barattootaa keessatti ibsameen kalaqni bu'aa dandeettii gadi fageenyaan yaaduuti.

Kitaaba barattootaa keessatti yaaada kana qabatamaa gochuuf barattootaaf qo'annaan caayaa xiyyeefatameera. Qo'annaan caayaa kun kan ibsu, barataa kutaa torbaffaa rakkoon qunname kanaaf, barattooni daree isaa hundi rakkoo kana furuuf carraaqan. Dhuma irrattis, kalaqa barattootaan rakkoon kun furame. Caayaa qo'achuu kanatti fufuun gochi (7.6) barattootaaf dhiyaate. Kanaafuu, barsiisaan/stuun barattoonni gocha kana akka hojjetaniif affeeruu qaba. Gochi kun barattootni caayaa qo'achuu kana irraa ergaa maalii akka argatan akka himan gaafatta. Irra caalaatti, barataan/tuun kalaqa kana argate(rakkoo kana fure) akkamitti furmaata kana akka argate haa ibsu.

Deebii Gilgaala Xumura Boqonnaa

	1	2	3	4	5
I	Soba	Soba	Dhugaa	Dhugaa	Dhugaa
II	D	B	D	B	A

Kitaabilee Wabii

Enniis, R. *Gadi fageenyaan yaadu*. Barnoota Falaasamaa, 14(1).

Heed, B.W.(2007),*Hirmaannaa uummataa*: Hirmaannaa uummataa gama eenyuutiin? Barruu Awuustaraliyaa waa'ee saayinsii siyaasaa, 42(3), 441-454.

Heera Mootummaa Ripaabilika Federaalawaa Dimokiraatawaa Itoophiyaa. Nagaarit gaazexaa. Labsii lakk.1/1995.(1995)

Jandaa, K.et al (2000) *Gufuuwwaan Dimokiraasii* (maxxansa jahaffaa). Boostoonfi Niwuu yoorki Dhaabbata Haa'uutoon Miiffilin

Kaampibeelli, D.F.(2008) *Yaad-rimee waa'ee dimokiraasii sadarkaa raawwii dimokiraasii*.

Kaarlighiriin, T.(2013). *Dandeetti waligaluu, Gadi fageenyaan yaaaduu*, Rakkoo furuu: Qabiyyee barnoota barattota sadarkaa tokkoffaa jarraa 21^{ffaa}hundaaf. Waljijirraa, 44(1), 63 -81.

Kaarneri'oo, R. L.(1970). *Yaad-hiddama madda mootummaa*: yaada hiddama aadaa waa'ee madda mootummaa dhiyeessuu fi bu'aa qorannoo sirnako saayinsii faallessu, 169 (3947), 733- 738.

Loowy,R, Fi Bi'eestaa, G.(2006). *Lammuummaa Hojii irra Oolchuu*:Barnoota hunda hammataa gochuufi Hubannaa Hariiroo Lamummaa. Barruu Biritaniyaa Waa'ee Barnootaa Qorachu, 54(1), 34-50.

Peestiree, D.(2009). *Waa'ee Akaakuu Bulchiinsa Walabaa har'aafi Hawaasa Dimokiraasii hubachuu*. Seensa. Mineervaa, 47(3), 243 -260.

Taamanaahaa, B.Z. (2004). *Olaantummaa seeraa irratti: Seenaa, Siyaasa, Yaad-hiddama*. Maxxansa Yuunivarsiitii Kaambiriij.

Caasaa Silabasii Barnoota Kanaa

Silabasiin karoora barnootaa barsiifamu yookiin qo'atamuuti. Silabasiin bu'aa barachuu, gahumsa barachuu isa xiqqaa, qabiyyee, gochaawwan barachuufi iyyaafannoo boqonnaawwan kanaa kan eerudha.

Bu'aa Barachuu

Silabasiin boqonnaawwan hunda keessattuu bu'aawwan barachuutiin eegala. Bu'aawwan barachuu gahumsawwan barachuu isa xiqqaa bira gahuu yookiin dhaqqabuu qofaan kan daangeffamu osoo hin taane, kutaa barnootaa hunda keessatti gahumsawwan ijoo ta'an barattoonni akka mirkaneeffatanidha. Isaanis;

- Beekuudhaaf barachuu
- Gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuu
- Kalaqaafi argannoo
- Wal-qunnamtii
- Gamtaa yookiin waloo
- Hooggansaafi murtii kennuu
- Barnoota dijitaalaa yookiin teekinooloojii
- Eenyummaa aadaafi lammummaa addunyaaleessaati.

Qabiyyee Gahumsawwan Barachuu Isa Xiqqaa

Gahumsi barachuu inni xiqqaan kan agarsiisu; barattoonni kutaa barnootaafi gosa barnootaa kam keessattiyyuu yoo xiqqaate beekumsa, dandeettiifi ilaalcha isaan beekuun hojiirra oolchuu qabanidha. Sadarkaa barnootaafi gosa barnootaa keessatti gahumsawwan gooree bu'uura iyyaafannoo ta'uu danda'aniifi dirqama wanta barattoonni beekuu qaban of keessatti hammata. Amaloonni bu'uura gahumsawwan barachuu inni xiqqaan; dhaqqabummaa, dandeettii wal-qunnamtii, itti fufiinsaan barachuufi bu'uura iyyaafannooti.

Tartiibni guutuun yaa'insa qabiyyee gahumsawwan barachuu inni xiqqaan gulantaa barnootaa hundattuu (sadarkaa 1^{ffaa}, giddu galeessaafi sadarkaa 2^{ffaa})tti adda bahuun dhiyaatera.

Hiika Jechootaa

Hiikni jechootaa xumura dookimantii kanaatti kan dhiyaate yoo ta’u, innis hiika jechoota ijoo qophii sirna barnootichaa waliin hidhata qabanidha. Kunis jechoota gooree hunda kan ibsu miti.

Seensa Silabasi

Barreeffamni sirna barnootaa kun kan qophaa'e; qopheessummaa yunivarsiitii Bahiirdariin yoo ta'u, walta'iinsa bakka bu'oota ogeeyyii barnootaa wiirtuu qulqullinaa ta'uun yunivarsiitiiwwan shan irraa filatamaniifi ministeera barnootaatiinidha.

Haaluma kanaan barnoonni safuu (kutaa 1-6)fi barnoonni lammummaa (kutaa 7-10) ogeeyyii naamusa olaanaa qabaniin sirna barnoota waliigalaa biyyoolessaa irratti hundaa'uun kan qophaa'eedha. Dookimantiin sirna barnootaa qophaa'e kunis (chaartii yaa'insaa, qabiyyee, gahumsawwan barachuu isa xiqqaafi silabasiin) ogeeyyii qorannoo alaafi keessatti erga kennameen booda (jarmiyaa madaallii Kaambirijifi ogeeyyii keessaatiin) yaadni erga itti kennamee sirrateen booda barreeffamni qindaa'aan sagantaa mirkaneessaatiif dhiyaatee ture.

Mirkaneessaan booda, yaadonniifi gaaffileen barreeffamicha gabbisuuf akka galteetti fudhatamaniiru. Achiin booda, barreeffamni xumuraa hojiirra oolmaadhaaf ministeera barnootaatiif kan dhiyaatedha.

Jalqaba irratti, gareen qopheessitootaa dookimantii dhiyaate fayyadamuun muuxannoowwan leenjii walta'iinsa mana marii Biritaniyaafi ministeera barnootaatiin erga fudhataniin booda sirna barnootaa haaraa kana dookimantiwwan biyyoolessaafi idil-addunyaa armaan gadii hordofuun kan qopheessanidha. Kunis;

- ❖ Waraqaa qorannoo ministeera barnootaatiin kanaan duraa qophaa'anii turan
- ❖ Wixinee dagaagina barnoota Itoophiyaa
- ❖ Sagantaa sirna barnoota waliigalaa biyyoolessaa
- ❖ Sirna barnootaa; barnoota lammummaa hanga ammaa ture
- ❖ Qorannoowwan garaa garaa qooda fudhattoota garaa garaan gaggeeffaman (Kaambirijifi kanneen biroo)fi
- ❖ Muuxannoowwan biyyoota garaa garaati.

Akkasumas, gareen kun moggaasaafi caaseffama barnoota safuu (kutaa 1-6) barnoota lammummaa (kutaa 7-10)fi sababa sirni barnootaa haaraan qophaa'eef kunis; barnoonni kanaan dura ture sonaawwan safuufi hawaasaa caala naamusa irratti kan xiyyeeffate

ta'uu, irra deddeebiin qabiyyee baay'achuufi haala dagaagina beekumsa barattoota irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaati. Haaluma kanaan, fooyya'iinsa sirna barnootaa akka waliigalaattiifi barnoota lammummaatiif akka dhuunfaatti keessa deebiifi fooyya'iinsi qabiyyee taasifameera.

Kanaafuu, silabasiin kun bu'aawwan barachuu karoofame, qabiyyeewwan, mala baruubarsiisuufi tarsiimoowwan iyyaafannoo barnoota safuufi lammummaa sadarkaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} kan ibsudha. Akka barnoota tokkootti, barnoonni safuu haaraan kan qophaa'eefi qabxiilee safuufi naamusaa sina barnootichaa keessatti barsiifamuu qaban kan of keessatti qabu ta'ee barnootawwan biroo waliin hariiroo kan qabudha.

Dagaaginni safuufi naamusaa barnootawwan garaa garaa keessatti kan barsiifamu qofa osoo hin taane; haala maatiin, uummanniifi barsiisonni manneen barnootaa keessatti gahee isaanii olaanaa taphatanis kan agarsiisudha.

Barnoonni safuu wiirtuu gahumsawwan jaarraa 21^{ffaa} fi bu'aawwan barachuu barattootaati. Xiyyeeffannoon isaas; sonaawwan ijoo, gahumsawwan hawaasummaa, miira gadi fageenyaan yaaduu, dandeettiwwan jireenyaa, dandeettiwwan aadaa wal-keessoo, barnoota waa'ee uummataa, hubannoo addunyaalessaa, dandeettii safeeffannaafi naamusa barattoota keenyaa dagaagsuuf kan ooludha.

Barnoonni safuu utubaawwan adeemsa baruubarsiisuu afur kan of keessatti hammatudha: amalaafi safeeffannaa, naamusa dhuunfaafi uummataa, qorannoo waa'ee uummataafi qorannoowwan aadaati. Sagantaan kun, qabiyyee barnootichaa; qorannoowwan safeeffannaafi naamusaatiin wal-bira qabuun kan dhiyeessudha. Kaayyoon silabasii barnoota safuufi lammummaa barattoota keessatti sonaawwan aadaafi waliigalaa ilaalchisee kaka'uumsa uumuudha. Barattoonni namoota gartuulee aadaafi hawaasummaa garaa garaa waliin akka wal-baran taasisa. Qabiyyeewwan barnoota safuufi lammummaa sirna barnoota duraan tureefi dokimantiiwwan armaan dura eeraman irraa kan fudhatamedha. Haaluma kanaan caaseffamni qabiyyee kutaadhaa gara kutaatti jiru qindaa'uudhaan gabatee kanaan gadii keessatti dhiyaateera (Chartii yaa'insa qabiyyeefi gahumsawwan barachuu isa xiqqaa).

Mul'ataafi Sona

Mul'anni sagantaa sirna barnoota waliigala Itoophiyaa barattoota naamusa gaarii qaban, beekumsa hunda gonfatan, of danda'oo ta'an, bara isaanii guutuu barachuuf itti gaafatamummaa kan fudhatan sadarkaa biyyaafi addunyaalessaatti oomishuudha. Haaluma kanaan, beekumsawwan jaarraa 21^{ffaa} horachuudhaan hawaasa dimokiraatawaafi lammiilee wal-tumsuudhaan dinagdee beekumsaafi teekinooloojii irratti hundaa'e akka dagaagsan taasisuudha.

Sona jechuun haalota jireenyaa karaa namoonni dhuunfaa, hawaasniifi uummanni bal'aan bu'aa, hiikaafi xiyyeeffannoo itti kennanidha. Sirni barnootaa sonaawwan kanaafi kanneen biroo sadarkaa addunyaalessaa irratti hundaa'uun dagaagsuufi guddina isaaniitiif bu'uura kan kaa'uudha.

Barnoota Lammummaa Barsiisuu

Barsiisonni sirna barnoota waliigala Itoophiyaa, mana barnootaafi daree barsiisan keessatti hawaasa dimokiraatawaa oomishuuf; barattoota hundaafuu xiyyeeffannoo wal-qixa kennuu qabu. Sirna barnoota waliigalaa Itoophiyaa barsiisuun wantoota armaan gadiif ooluu qaba:

- Barattoota hunda galma olaanaadhaaf kakaasuu, barattoonni qorannaa isaaniitti daddammaqiinsa akka godhatan mirkaneessuufi barataa dhibaa'aan akka dadammaqu taasisuudha.
- Muuxannoo barnootaa hojiirra oolchuuf barattoonni hundi murtii barnootaan gaggeeffamuu akka danda'an taasisuudha.
- Barnoota ofiin barsiisuu caala barattoonni caalmaatti ofii isaaniif akka qooda fudhatan gochuu
- Muuxannoo barnootaa sirrii, hammataafi hirmaachisaa ta'e barattootaaf dhiyeessuu
- Gahumsa nama hundaa dagaagsuun dandeettii yaaduu, ilaalchaafi dandeettii fooyya'iinsa dabaluu
- Gulantaalee baruu-barsiisuu, maloota baruu-barsiisuufi sochiilee iyyaafannoo dandeettii barattootaan wal-simu dhiyeessuu

- Hariiroo sirrii barataafi barsiisaa gidduutti fedhii waloo giddu galeeffate dagaagsuu
- Barattoonni beekumsa duraan qaban dadammaqsuudhaan adeemsa qo'annoofi qorannootiin beekumsa haaraa akka horataniifi namoota biroon wal-baran qajeelchuu
- Fakkii xiqqoo hawaasa Itoophiyaa hunda bakka bu'uu danda'u kalaquun daree barnootaa miijaawaa, ho'aafi wal-baachuun keessatti dagaageefi namni kamiyyuu yaada isaa walabaan keessatti dubbachuu danda'u, ilaalcha isaa lalisiisuufi akka hawaasa dimokiraatawaatti waliin guddachuu danda'u uumuudha.

Tartiiba Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa Barnoota Lammummaa Kutaa 7^{ffaa}

1. Lammummaa

- 1.1 Hiika lammummaa hubachuu
- 1.2 Amaloota lammummaa gaarii ajaa'ibsiifachuu
- 1.3 Ulaagaawwan lammummaa gaarii ibsuu
- 1.4 karaalee lammummaan ittiin argamuufi mulqamu adda baasuu
- 1.5 Elementoota ijoo seerota lammummaa Itoophiyaa tarreessuu

2. Biyyaafi Mootummaa

- 2.1. Yaad-rimee biyyaafi mootummaa hubachuu
- 2.2 Elementoota biyyaa adda baasuu
- 2.3 Dalagaalee biyyaafi mootummaa hubachuu
- 2.4 Akaakuuwwan mootummaa beekuu

3. Dimokiraasii

- 3.1 Yaad-rimee dimokiraasii hubachuu
- 3.2 Garaagarummaa akaakuuwwan mootummaa gidduu jiru adda baasuu
- 3.3 Sonaawwan dimokiraasii barbaachisoo hawaasa isaanii keessatti argaman ibsuu
- 3.4 Sonaawwaniifi dalagaalee dimokiraasii xabboo qabachuu

4. Olaantummaa Seeraa

- 4.1 Yaad-rimee olaantummaa seeraa hubachuu
- 4.2 Barbaachisummaa olaantummaa seeraa beekuu
- 4.3 Miira kabaja olaantummaa seeraa ibsuu
- 4.4 Agarsiiftuuwwan kabaja olaantummaa seeraa ibsuu
- 4.5 Wantoota olaantummaa seeraa cabsan tarreessuu

5. Mirgoota Namummaa

- 5.1 Yaad-rimee mirgoota namummaa hubachuu
- 5.2 Amaloota mirgoota namummaa irratti mari'achuu
- 5.3 Bu'aa kabajamuu mirgoota namummaa beekuu
- 5.4 Itti gaafatamummaa safeeffannaa hawaasni mirgoota namummaa kabajuu keessatti qabu ibsu
- 5.5 Jarmiyaalee mirgoota namummaa yaadachuu

6. DHIMMOOTA HAWAASUMMAA KEESSATTI HIRMAACHUU

- 6.1 Bu'aa hirmaannaa dhimmoota hawaasummaa hubachuu
- 6.2 Bu'aa tajaajilli tola ooltummaa hawaasaaf qabu ajaa'ibsiifachuu
- 6.3 Miira tajaajila hawaasummaa ibsuu
- 6.4 Haalota hirmaannaa hawaasummaa hubachuu

7. Gadi Fageenyaan Yaaduu

- 7.1 Yaad-rimee gadi fageenyaan yaaduu hubachuu
- 7.2 Bu'aa gadi fageenyaan yaaduu beekuu
- 7.3 Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu ibsuu

SILABASII BARNOOTA LAMMUMMAA KUTAA 7^{FFAA}

Boqonnaa Tokko

Lammummaa (Wayitii 16)

Gahumsawwan barachuu boqonnaa kanaa:

Xumura barannoo kanaan booda barattoonni:-

- ✎ Maalummaa lammummaa ni hubatu.
- ✎ Amaloota lammummaa adda ni baasu.
- ✎ Bu'aa lammummaa ni ibsu.
- ✎ Karaalee lammummaan ittin argamuufi mulqamu ni tarreessu.
- ✎ Elementoota Seera lammummaa Itoophiyaa kanneen ijoo ta'an ni ibsu.

Gahumsa barachuu isa xiqqaa	Qabiyyeewwan	Gochaawwan Barachuu	Iyyaafannoo
✓ Lammummaan maal akka ta'e ni ibsu. ✓ Mirgootaafi itti gaafatamummaa lammiilee ni mirkaneeffatu. ✓ Lammummaafi lammiilee adda ni baasu. ✓ Amaloota lammummaa gaarii ni tarreessu. ✓ Amaloota lammummaa gaarii adda ta'an ni ibsu. ✓ Amaloota lammummaa gaarii ni horatu. ✓ Bu'aa lammummaa gaarii dhabamuu isaa waliin wal-bira qabuun ni madaalu. ✓ Bu'uura lammummaa gaarii adda ni baasuu.	1.1 Lammummaa (wayitii 8) 1.1.1 Maalummaa Lammummaa 1.1.2 Amaloota Lammummaa Gaarii 1.1.3 Bu'aa Lammummaa Gaarii 1.2 Karaalee Lammummaan ittiin argamuufi mulqamu (Wayitii 4)	• Waa'ee lammummaa irratti gaaffilee xiinxala duraa gaafadhu. • Barattoonni garee xiqqoodhaan hojjechuun amaloota lammummaa gaarii akka adda baafataniif; seenessa himuun, ibsa gocha gabaabaa kennuufi qo'annaa caayaa gargaarami.	❖ Gaaffii afaanii yeroo barattoonni deebisanitti mil'adhu. ❖ Bu'aafi gahumsawwan barachuu barbaachisoo ta'an wayita barattoonni dhiyeessanitti itti fufinsa akka qabatuuf galmeessi. ❖ Seerota lammummaa Itoophiyaa irratti barattootaaf gilgaala dhuunfaa kenniif.

✓ Faayidaa lammummaa gaarii ni ibsu. ✓ Karaalee lammummaan ittiin argamuu danda’u ni tarreessuu. ✓ Karaalee lammummaan adeemsa seeraa ittiin argamuu danda’u ni barreessu. ✓ Karaalee lammummaan ittiin mulqamuu danda’u adda baasu. ✓ Lammummaa fedhiifi fedhii malee mulqamuu danda’u adda ni baasu. ✓ Bu’uura lammummaa fedhii malee mulqamuu danda’uu ni qoratu. ✓ Karaalee lammummaan Itoophiyaa ittiin argamuufi mulqamuu danda’u ni qoratu. ✓ Ulaagaalee lammummaan adeemsa seeraa Itoophiyaa keessatti ittiin argamu ni ibsu. ✓ Karaalee lammummaan ittiin mulqamuu danda’u ni hubatu.	1.3 Seerota Lammummaa Itoophiyaa (wayitii 4)	• Karaalee lammummaan ittiin argamuufi mulqamuu danda’u irratti gareen akka mari’ataniif barattoota affeeri.	❖ Mata dureewwan boqonnaa kanaa hunda irrattiyyuu gudunfaa gabaabaa kenniif.
--	---	--	--

Boqonnaa Lama

Biyyaafi Mootummaa (wayitii 16)

Gahumsawwan Barachuu Boqonnaa Kanaa:

Xumura Boqonnaa Kanaan Booda Barattoonni:-

- ✎ Yaad-rimee biyyaa ni hiiku.
- ✎ Dalagaalee Mootummaa ni tarreessu.
- ✎ Elementoota biyyaa adda ni baasuu.
- ✎ Caasaalee biyyaa adda ni baasu.
- ✎ Garaagarummaa biyyaafi mootummaa gidduu jiru ni ibsu.

Gahumsa barachuu isa xiqqaa	Qabiyyeewwan	Gochaawwan barachuu	Iyyaafannoo
✓ Jechi biyya jedhu maal akka ta'e ni ibsu. ✓ Itoophiyaa akka biyya seenaa dheeraa qabduutti ni ajaa'ibsiifatu. ✓ Elementoota biyyaa barbaachisoo ta'an ni tarreessu. ✓ Elementootni biyyaa murteessoon kunneen jiraachuu biyyaatiif hangam barbaachisoo akka ta'an ni qoratu. ✓ Dalagaalee mootummaa ni ibsu. ✓ Itti fufiinsa tasgabbii hawaasaa keessatti bu'aa mootummaa dimokiraatawaa ni beeku.	2.1 Yaad-rimee Biyyaa (Wayitii 2) 2.2 Elementoota Biyyaa (Wayitii 2) 2.3 Dalagaalee Mootummaa (Wayitii 3) 2.4. Gosoota Mootummaa (Wayitii 4)	• Waa'ee yaad-rimee biyyaa barattoota gaafadhu. • Elementoota biyyaa tarreessanii akka ibsaniif barattoota gaafadhu. • Barattoota gareedhaan hiruun dalagaalee mootummaa irratti mari'atanii dareef akka dhiyeessan taasisi.	❖ Barattoonni yaad-rimee biyyaa akka himan gaafadhu. ❖ Marii garee barattootaa ilaaluudhaan duub-deebiifi battallee tasaa kenniif.

✓ Fedhii lammiilee guutuu keessatti carraaqqii mootummaa dimokiraatawaan godhu ni ajaa'ibsiifatu. ✓ Gosoota mootummaa bu'uura ta'an adda ni baasuu. ✓ Garaagarummaa sirna mootummaa gonfoofi sirna mootummaa hayyotaa gidduu jiru ni ilaalu. ✓ Maalummaa bu'uuraa akaakuuwwan mootummaa dimokiraatawaa ni mirkaneeffatu. ✓ Garaagarummaa mootummaafi biyya gidduu jiru adda ni baasu. ✓ Mootummaa akka elementii bu'uuraa biyyaatti ni hubatu.	2.5. Garaagarummaa Biyyaafi Mootummaa Gidduu Jiru (Wayitii 5)	• Barattoota gareen qooduudhaan wal-fakkeenyaafi garaagarummaa biyyaafi mootummaa gidduu jiru irratti mari'atanii ibsa akka kennan godhi. • Mat-dureewwan boqonnaa kanaa hunda keessatti gudunfaa gabaabaa kenni.	❖ Raawwii barattoota hundaa irra deebiin ilaaluun duub-deebii kenniif.
---	--	--	---

Boqonnaa Sadi**Dimokiraasii (Wayitii 18)****Gahumsawwan Barachuu Boqonnaa Kanaa:****Xumura Barannoo Kanaan Booda Barattoonni:**

- ✎ Hiika dimokiraasii ni ibsu.
- ✎ Akaakuuwwan dimokiraasii ni addeessu.
- ✎ Karaalee hojii irra oolmaa dimokiraasii adda ni baasu.
- ✎ Sonaawwan dimokiraasii xabboo ni dinqisiifatu.
- ✎ Dimokiraasii seeraafi adeemsaa adda ni baasu.

Gahumsa barachuu isa xiqqaa	Qabiyyeewwan	Gochaawwan barachuu	Iyyaafannoo
✓ Maalummaa dimokiraasii ni ibsu. ✓ Dimokiraasii ni hiikta. ✓ Bulchiinsa uummataa ni ibsita. ✓ Madda dimokiraasii adda ni baasta. ✓ Amaloota Dimokiraasii Ateensi ni ibsita. ✓ Hanqinoota dimokiraasii Ateensi durii ni tarreessita. ✓ Garaagarummaa dimokiraasii walabaafi dimokiraasii hawaasaa gidduu jiruu ni ibsita. ✓ Amaloota ijoo dimokiraasii walabaa ni tarreessita. ✓ Amaloota bu'uuraa dimokiraasii hawaasaa adda ni baasta. ✓ Hiika dimokiraasii kallattii ni kennita ✓ Dimokiraasii al-kallattii ni hiikta.	3.1 Maalummaa dimokiraasii (wayitii 1) 3.2 Madda dimokiraasii (wayitii 2) 3.2.2 Dimokiraasii Ateensi durii 3.3 Akaakuuwwan dimokiraasii (wayitii 5) 3.3.1 Dimokiraasii walabaa 3.3.2 Dimokiraasii hawaasaa 3.4 Karaalee hojiirra oolmaa dimokiraasii (wayitii 4)	• Maalummaa dimokiraasii barattoota gaafadhu. • Barattootni akaakuuwwan dimokiraasii akka tarreessan taasisi. • Barattoonni sirna dimokiraasii akka shaakalan taasisi. • Garaagarummaa dimokiraasii adeemsaafi seeraa ilaalchisee barattoonnii akka marii gaggeessuun akka dhiyeessan jajjabeessaa.	❖ Maalummaa dimokiraasii ilaalchisee gaaffii gaafachuufi deebii kennuu. ❖ Barattoonni akaakuuwwan dimokiraasii akka tarreessan gaafadhu.

✓ Garaagarummaa dimokiraasii kallattiifi al-kallattii gidduu jiru adda ni baasta. ✓ Garaagarummaa dimokiraasii seeraafi adeemsaa gidduu jiru ni ibsita. ✓ Maalummaa dimokiraasii seeraa ni hiikta. ✓ Maalummaa dimokiraasii seeraa ni ibsita. ✓ Hojiirra oolmaa dimokiraasii xabboo ni ibsita. ✓ Gochaawwan dimokiraasii xabboo Itoophiyaa ni addeessita. ✓ Gahee sonaawwan dimokiraasii xabboo ni tarreessita.	3.4.1 Dimokiraasii kallattii 3.4.2 Dimokiraasii al-kallattii(bakka bu'iinsaa) 3.5 Dimokiraasii adeemsaafi seeraa (wayitii 3) 3.6 Sonaawwan dimokiraasii xabboo (wayitii 3)	• Sonaawwan dimokiraasii xabboo ilaalchisee mala gahee taphachuufi marii fayyadamuun hojii daree barattootaaf keennaa. • Boqonnicha jalatti mata dureewwan dhiyaataniif guduunfaa gabaabaa kenni.	❖ Marii garee barattootni taasisaniifi calaqqee jiru ni daawwatu.
---	--	--	--

BOQONNAA AFUR**OLAANTUMMAA SEERAA(wayitii ramadamee 18)****Gahumsawwan boqonnaa kanaa:****Xumura boqonnaa kana booda barattootni:**

- ✎ Yaad-rimee olaantummaa seeraa ni ibsu.
- ✎ Maddoota seeraa adda ni baasu.
- ✎ Barbaachisummaa olaantummaa seeraa ni madaalu.
- ✎ Agarsiistuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa adda ni baasu.
- ✎ Olaantummaa seeraafi olaantummaa namaa ni ibsu.
- ✎ Wantoota olaantummaan seeraa akka sarbamuu taasisan ni hubatu.

Gahumsa barachuu isa xiqqaa		Gochaawwan barachuu	Iyyaafannoo
✓ Yaad-rimee olaantummaa seeraa ni hiiku. ✓ Jireenya isaanii guyyuu keessatti haqummaa ni madaalu. ✓ Haqa qabeessummaa gocha namootaa ni xiinxalu. ✓ Maddoota seeraa adda baasuu. ✓ Heeraafi safeeffannaa akka madda seeraa bu'uuraatti wal bira qabuun madaalu. ✓ Qaamni seera baasuu akkamitti seeroota duudhaa hawaasaa gara seera biyyattitti akka jijjiiran ni qoratu. ✓ Barbaachisummaa olaantummaa seeraa xiinxaluu. ✓ Olaantummaan seeraa akkamittiin haal- dureewwan bu'uura dimookiraasiif akka uumuu ni addeessu.	4.1 Yaad-rimee olaantummaa seeraa (wayitii 6) 4.1.1 Maddoota seeraa 4.2 Barbaachi summaa olaantummaa seeraa (wayitii 3) 4.3 Agarsiistu wwan kabaj amuu olaantummaa seeraa. (wayitii 4) 4.4 olaantum maa seeraafi olaantummaa namaa. (wayitii 2) 4.5 Watoota olaantummaa seeraa sarban (wayitii 3)	• Waa'ee olaantummaa seeraa barattoota gaafachuu. • Barbaachisummaa olaantummaa seeraa ilaalchisee barattoonni keeyyata akka barreessan taasisi. • Agarsiistuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa akka tarreessan barattoota gaafachuu. • Barattootni garreedhaan waa'ee olaantummaa seeraafi namaa irratti falmii akka gaggeessan taasisi. • Barattootni wantoota olaantummaa seeraa sarban irratti marii gaggeessuun daree keessatti calaqqee akka dhiyeessan taasisuu.	❖ Waa'ee olaantummaa seeraa barattoonni akka himan gaafachuu. ❖ Gochaawwan barattootaa daawwachuu. ❖ Hojii barattootaa

✓ Walitti dhufeenya olaantummaa seeraafi walabummaa dhuunfaa gidduu jiru ni hubatu. ✓ Agarsistuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa ni ibsu. ✓ Namootni hanga mana murtiitiin yakkii isaanii hin mirkanoofneetti akka qulqulluutti ilaalamuu akka qaban ni hubatu. ✓ Barbaachiisummaa qoodinsa aangoo bulchiinsaa adda ni baasu. ✓ Jecha olaantummaa seeraafi olaantummaa namaa ni hiiku. ✓ Hojii irra olmaa olaantummaa seeraafi olaantummaa namaa wal bira qabuun ni madaalu. ✓ Dhiibbaa olaantummaan namaa mirgoota nama dhuunfaa irratti qabu ni qeequ. ✓ Tumaataalee olaantummaa seeraafi hojii irra olmaa isaa ni madaaluu.	4.1 Yaad-rimee olaantummaa seeraa (wayitii 6) 4.1.1 Maddoota seeraa 4.2 Barbaachisummaa olaantummaa seeraa (wayitii 3) 4.3 Agarsiistuwwan kabajamuu olaantummaa seeraa. (wayitii 4) 4.4 olaantummaa seeraafi olaantummaa namaa. (wayitii 2) 4.5 Watoota olaantummaa seeraa sarban (wayitii 3)	• Barattootaaf abbaltii garee kennuun dareetti akka dhiyeessan taasisu. • Mata dureewwan boqonnichaaf guduunfaa gabaabaa kennu.	❖ Duub-deebiifi guduunfaa kennuu. ❖ Abbaltii/battallee
---	---	--	---

BOQONNAA SHAN**MIRGOOTA NAMUMMAA (wayitii ramadamee 16)****Gahumsawwan boqonnaa kanaa:****Xumura boqonnaa kana booda barattootni:**

- ✗ Yaad-rimee mirga namummaa ni hiiku.
- ✗ Amaloota mirgoota namummaa ni dindisiifatu.
- ✗ Barbaachiisummaa kabajamuu mirga namummaa ni ibsu.
- ✗ Itti gaafatamummaa namoomaa hawaasa keessatti qaban ni bahatu.
- ✗ Tooftaalee mirgoota anamummaa kabachisan adda ni baasuu.
- ✗ Jaarmiyaalee mirgoota namummaa kabachiisuuf Ittophiyaa keessatti argaman ni tarreessuu.

Gahumsa barachuu isa xiqqaa	Qabiyyeewwan	Gochaawwan barachuu	Iyyaafannoo
✓ Mirgoota namummaa ni hiiku. ✓ Fakkeenya mirgoota namummaa tarreessuu. ✓ Amaloota mirgoota namummaa tarreessuu. ✓ Amala Walta'ummaa mirgoota namummaa ibsu. ✓ Mirgi namummaa kan uumamaan argamuu ta'uu ibsu. ✓ Mirgootni namummaa kan gargar hin qoodamneefi walirratti hirkatoo ta'uu isaa ibsu.	5.1 Yaad-rimee mirgoota namummaa (wayitii 2) 5.2 Amaloota mirgoota namummaa (wayitii 2) 5.3 Barbaachisummaa kabajamuu mirgoota namummaa (wayitii 3) 5.4 Itti gaafatamummaa safeeffannaa Mirgoota namummaa (wayitii 2) 5.5 Tooftaaleefi jaarmiyaalee mirgoota namummaa (wayitii 7)	• Waa'ee mirgoota namummaa barattoota gaafachuu. • Barbaachisummaa mirgoota namummaafi tooftaalee mirgoota namummaa kabchiisan ilaalchisee barattoonni keeyyata akka barreessan taasisi. • Barattootni garreedhaan waa'ee kabajamuufi sarbamuu mirga namummaa irratti falmii akka gaggeessan taasisi.	❖ Barattootni waan barreessan akka dubbiisan taasisi/ gaafadhu. ❖ Caayaa qo'achuu madaaluu. ❖ Falmii

✓ Faayidaa mirgoota namummaa kabajuun Itoophiyaa keessatti qabu ni tarreessu. ✓ Barbaachisummaa mirgoota namummaa kabajuun Itoophiyaaf qabu ni ibsu. ✓ Mirgoota namummaa kabachiisuuf qaamolee itti gaafatamummaa qaban adda ni baasu. ✓ Yaad-hiddama “Itti gaafatamummaa eegu”(responsibility to protect) jedhu ni ibsu. ✓ Tooftaalee mirgoota namummaa kabachiisan ibsu. ✓ Tooftaalee idil-addunyaaleessaa mirgoota namummaa kabachiisan adda baasu. ✓ Tooftaalee mirgoota namummaa kabachiisan sadarkaa ardiitti argaman tarreessuu. ✓ Tooftaaleefi jaarmiyaalee sadarkaa biyya keenyatti mirgoota namummaa kabachiisan tarreessu. ✓ Maalummaa kabajamuu mirga namummaa ni ibsu. ✓ Mirga namummaa eeguun maal akka ta’e ni ibsu. ✓ Maalummaa mirga namummaa dhugoomsuu ni ibsu.	5.5.1 Tooftaalee mirgoota namummaa kabachiisan. 5.5.2 Jaarmiyaalee mirgoota namummaa Itoophiyaa 5.6 Gahee mootummaa mirgoota namummaa kabachiisuu keessatti qabu.	• Barattootni caayaa qo’achuu qorachuun gahee itti gaafatamummaa safeeffannaa kabaja namummaa hawaasaa eegu keessatti qabu hubachuun akkamitti hojiirra akka oluu ni calaqqisissu. • Mata dureewwan boqonnichaaf guduunfaa gabaabaa kennu.	❖ Duubdeebiifi guduunfaa kennuu.
--	--	---	---

BOQONNAA JAHA**DHIMMOOTA HAWAASUMMAA KEESSATTI HIRMAACHUU (Wayitii Ramadamee 16)****Gahumsawwan boqonnaa kanaa:****Xumura boqonnaa kana booda barattootni:**

- ✂ Maalummaa hirmaannaa dhimmoota hawaasaa ni hiiku.
- ✂ Faayidaa dhimmoota hawaasummaa keessatti hirmaachuu ni ibsu.
- ✂ Bu'aawwan tajaajila tola oltummaa ni tarreessuu.
- ✂ Dhimmoota hirmaannaa hawaasaa ni ibsu.
- ✂ Amaloota hirmaannaa dhimmoota hawaasaa ni calaqqisisuu.

Gahumsa barachuu isa xiqqaa	Qabiyyeewwan	Gochaawwan barachuu	Iyyaafannoo
✓ Maalummaa hawaasaa hiikuu. ✓ Yaad-rimee hirmaannaa hawaasaa ibsu. ✓ Hirmaannaa hawaasaa cimsuu. ✓ Galma ijoo hirmaannaa hawaasaa eeru. ✓ Barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaa addeessuu. ✓ Maalummaa tola oltummaa ibsu. ✓ Bu'aawwan tajaajila tola oltummaa tarreessuu.	6.1 Hiika hirmaannaa hawaasaa (wayitii 4) 6.1.1 Barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaa 6.2 Faayidaalee Tola oltummaan Hawaasaa Keessatti Qabu (wayitii 6) 6.3 Dhimmoota hirmaannaa hawaasaa (wayitii 8)	• Waa'ee Hirmaannaa hawaasaa barattoota gaafachuu. • Barattootni garreedhaan waa'ee barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaa akka marii gaggeessan taasisi. • Barattoonni sochiiwwan hawaasaa keessatti akka hirmaatan taasisu. • Barattoonni dhimmoota hirmaannaa hawaasaa akka tarreessan gaafachuu.	❖ Barattootni waan barreessan akka dubbiisan taasisi/ gaafadhu. ❖ Deebii barattootni kennaniifi gocha isaanii daawwachuu. ❖ Abbaltii kennuu.

✓ Rakkoolee hawaasaa tola oltummaa keessatti hirmaachuun furu. ✓ Dhimmoota hirmaannaa hawaasaa sadan dhugoomsuu. ✓ Dhimmoota siyaasaa hirmaannaa hawaasaa tarreessuu. ✓ Dhimmoota hawaasummaafi dinagdee hirmaannaa hawaasaa wal bira qabun madaalu.	6.3.1 Dhimmoota hawaasaa 6.3.2 dhimmoota siyaasaa 6.3.3 dhimmoota dinagdee	• Tola ooltummaa ilaalchisee barattootaaf caayaa qo’achuu kennu. • Mata dureewwan boqonnichaaf guduunfaa gabaabaa kennu.	❖ Marii gaggeeffamuu hordofuun duubdeebiifi guduunfaa kennuu.
--	---	--	---

BOQONNAA TORBA

GADI FAGEENYAAN YAADUU(Wayitii Ramadamee 15)

Gahumsawwan boqonnaa kanaa:

Xumura boqonnaa kana booda barattootni:

- ✎ Maalummaa gadi-fageenyaan yaaduu ni ibsu.
- ✎ Barbaachisummaa gadi-fageenyaan yaaduu ni ibsu.
- ✎ Dandeettiwwan gadi-fageenyaan yaaduu ni calaqqisisu.

Gahumsa barachuu isa xiqqaa	Qabiyyeewwan	Gochaawwan barachuu	Iyyaafannoo
✓ Maalummaa gadi-fageenyaan yaaduu ni hiiku. ✓ Xiinxala sababa irratti hundaa' e ni ibsu. ✓ Maddoota odeeffannoo adda baasu. ✓ Barbaachisummaa gadi-fageenyaan yaaduu ni tarreessuu. ✓ Hanqinoota gadi-fageessanii yaaduu dhabuun uumamuu nu tarreessuu. ✓ Garaagarummaa odeeffannoo dhugaa fi odeeffannoo soba ibsu. ✓ Dandeettiwwan gadi-fageenyaan yaaduu tarreessuu. ✓ Maalummaa xiinxaluu ibsu. ✓ Maalummaa gamtaan hojjechuu ni hiiku. ✓ Barbaachisummaa gamtaan hojjechuu tarreessuu. ✓ Maalummaa rakkoo hiikuu ibsu.	7.1 Hiika gadi-fageenyaan yaaduu (wayitii 3) 7.2 Barbaachisu mmaa gadi-fageenyaan yaaduu (wayitii 3) 7.3 Dandeettiwwan gadi-fageenyaan yaaduu.(9) 7.3.1 Xiinxaluu 7.3.2 gamtaan hojjechuu 7.3.3 Kalaqa 7.3.4 Rakkoo Hiiku.	• Waa'ee gadi-fageenyaan yaaduu barattoota gaafachuu. • Barattootni gareedhaan waa'ee barbaachisummaa gadi-fageenyaan yaaduu irratti marii akka gaggeessan taasisu. • Barattootni dandeetti wwan gadi-fageenyaan yaaduu irratti marii gaggeessuun daree keessatti calaqqee akka dhiyeessan taasisuu. • Barattootaaf caayaa qo'achuu, gahee taphachuufi wal-deeggarsaan barachuu aka shaakalan taasisuu. • Mata dureewwan boqonnichaaf guduunfaa gabaabaa kennu.	❖ Waa'ee gadi-fageenyaan yaaduu barattoonni akka himan gaafachuu. ❖ Deebii barattootni kennaniifi gocha isaanii daawwachuu. ❖ Duubdeebiifi guduunfaa kennuu. ❖ Qormaata

Hiika jechootaa

Jechoota	Hiika isaanii
Gocha	Kaayyoo barannoo tokkoof qophaa’e milkeessuuf sirna, tooftaafi meeshaa fayyaduudha.
Iyyaafannoo	Tooftaalee adda addaa madaalliif barbaachisaniifi qindoomina ragaalee qophii barachuuf taasifamuu, fooyya’iinsa barachuu keessatti mul’atu, dandeettiwwan argaman ykn fedhii barachuu barattootaa kan of keessatti qabatuudha.
Qabiyyee	Beekumsa, dandeettiifi jijjiirama amalaa barannoo tokko irratti barsiifamuufi baratamuudha.
Yaa’iinsa qabiyyee	Qindomina qabiyyee dalgeefi gadee kan of keessatti qabatuu ta’ee, Sanada mata dureewwan akkaataa duraa duuba isaa eeguun akka dhiyaatu kan qajeelchuudha.
Gahumsaawwan ijoo	Gahumsaawwan gosa barnootichaa keessatti akka milkaa’aniif eegaman kanneen akka; barnootaaf barachu, gadi-fageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuu, Argannoofi kalaqa, waliigaltee, qindoomina, hoggansaafi adeemsa murtii kennuu, barnoota dijiitaalaa, aadaafi eenyummaa, lammummaa addunyaaleessaafi kkf dhugoomsuu of keessatti kan qabatudha..
Sirna Barnoota waliigalaa Itoophiyaa	Sanada tuta ulaagaalee sadarkaa barnoota hundaaf barbaachisan qabudha.
Gahumsaawwan barachuu	Gahumsaawwan barattootni xumura barnoota irratti calaqqisisanifi gonfataniidha.
Ragaa barattootaa	Odeeffannoo waliigalaa weaa’ee barattootaa ibsu ta’e, xumura sadarkaa ykn gulantaa baranoota irratti barattootni akka dagaagfatan kan eegamuu of keessatti qabata.
Dandeettii jireenyaa	Dandeettiwwan barattootni carraafi qorumsa jireenya isaanii keessatti mul’atuu itti keessummeessanidha.
Gahumsa barachuu isa xiqqaa	Kutaa barnootaa ykn sadarkaa barnootichaa irratti beekumsa, dandeettiifi jijjiirama amalaa yoo xiqqaatee goonfachuufi calaqqisisuu qabu jedhamee eegamudha.
Sonaawwan	Dhimmoota jireenya dhunfaafi hawaasummaa waliin wal qabatuudha.

BARNOOTA LAMMUMMAA QAJEELCHA BARSIIISAA

KUTAA 7^{FFAA}